# Yunivarsiitii Saayinsiifi Teknooloojii Adaamaa
# Iskuulii Namummaafi seeraatti
# Muummee Afaan Oromoo
# Sagantaa Eeb-booddee

**Ulaagaa Digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo**

**Guuttachuuf Kan dhiyaate**

**Mata Duree Qorannoo**

**Qaaccessa Dogoggora Qubeessuu Barreeffama Xalayoota Waajjira Bulchiinsaafi Barnoota Aanaa Xiyoo Magaalaa Asallaa Irratti Kan Xiyyeeffate**

**Qorataan: Abdulqaadir Huseen**

**Gorsaan: Silashii Birhaanuu (PhD)**

**Waxabajjii, 2016**

**Adaamaa**

Ani qoraataa Abdulqaadir Huseen waraqaan qorannoo hojjadhe kun, yunvarsiitii kamittuu, kan hin hojjatamneefi maddeen ragaalee tajaajillarra oolan hunduu, wabii keessatti seeraan ibsamuu isaanii nan mirkaneessa.

Maqaa, Abdulqaadir Huseen

Mallattoo, _______________

Guyyaa, _________________

Qorannoon kun, madaalliif akka dhiyaatu nan mirkaneessa.

Maqaa, Silashii Birhaanuu (PhD)

Mallattoo _______________________

Guyyaa, _______________________

## Koree Bordii Qorattootaa

| Gahee | Maqaa | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|---|
| 1. Qorataa Alaa | ____________________ | __________ | __________ |
| 2. Qorataa Keessaa | ____________________ | __________ | __________ |
| 3. Gorsaa | ____________________ | __________ | __________ |
| 4. Walitti Qabaa | ____________________ | __________ | __________ |

## Galata

Hunda dura Waaqa hundaa uumeef galata guddaa galchee, itti aansuun wareegamtoota saba Oromootiif qabsaa'anii Afaan Oromoo sadarkaa kanaan gahanii lubbuun dabraniifi ammas qabsaa'aa jiraniif, sagantaan digirii 2ffaa Yunvarsiitii Sayinsiifi Teeknolojii Adaamaatti akka jalqabu kan ifaajan, Gorsaa koo kan ta'an Dok. Silashii Birhaanuu, Dok. Ijaaraa Baatuu, Dok. Maammoo Mangashaatiifi barsiisota muummee Afaan Oromoo Yunvarsiitii Adaamaafi Arsiitii gahee ufii bahaniif haa ta'u. Akkasumas, Waajjira Bulchiinsaafi Barnoota aanaa Xiyootiif, galanni koo guddaadha.

Itti dabalees, qorannoo kana akka fiixaan baasuuf odeeffannoo adda addaa naa kennuudhaan kan na gargaaran ogeessa seeraa kan t'an, oboo Abdurrashiid Kurkee, deeggarsa adda addaa kan naaf taasisan Dok. Amaaraa Taaddasaafi hiriyoota koo, Barsiisaa Jawaaroo Waadoofi Kadiir Jaarsoo baay’isnee galatoomfadha.

**Baafata (Table Of Contents)**

Qabiyyee Fuula

Galata ---------------------------------------------------------------------------------------------------I
Axeerara (Abstract) ------------------------------------------------------------------------------------ II
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ---------------------------------------------------------------- 1

1.1 Ka'iinsa Qorannichaa ---------------------------------------------------------------------- 1

1.2 Kaayyoo Qornnichaa ----------------------------------------------------------------------- 3

1.3 Kaayyoo Gooroo ---------------------------------------------------------------------------- 3

1.4 Kaayyoo Gooree ---------------------------------------------------------------------------- 3

1.5 Gaaffilee Qorannoo ------------------------------------------------------------------------- 4

1.6 Barbaachisummaa Qorannichaa ---------------------------------------------------------- 4

1.7 Daangaa Qorannichaa ---------------------------------------------------------------------- 5

1.8 Hanqinna Qorannichaa ---------------------------------------------------------------------- 6

1.9 Ijaarama Qorannichaa ---------------------------------------------------------------------- 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ---------------------------------------------------- 7

2.1 Qubeessuu ---------------------------------------------------------------------------------------- 7

2.2 Faayidaa Sirritti Qubeessuu ------------------------------------------------------------------ 8

2.3 Akaakuu Dogoggora Qubeessuu ------------------------------------------------------------ 9

2.4 Madda Dogoggora Qubeessuu -------------------------------------------------------------- 10

2.5 Rakkoolee Sirritti Qubeessuu Dhabuutiin Uumaman ---------------------------------------- 12

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA ------------------------------------------- 15

3.1 Saxaxa Qorannichaa -------------------------------------------------------------------------- 15

3.2 Irraawwatama ---------------------------------------------------------------------------------- 15

3.3 Iddatteessuu ------------------------------------------------------------------------------------ 15

3.4 Maddoota Ragaalee ---------------------------------------------------------------------------- 16

3.5 Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaanaman ---------------------------------------------------- 16

3.6 Adeemsa Ragaan Qorannoo Ittiin Funaaname --------------------------------------------- 17

3.7 Mala Qaaccessa Ragaa ---------------------------------------------------------------------- 17

BOQONNQQ AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAALEE -------------------------------- 18

4.1 Qaaccessaa Ragaalee Dogoggora Qubeessuu Irratti Gaggeeffame -------------------------- 18

BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YABOO ----------------------------------------------- 18

5.1 Guduunfaa ------------------------------------------------------------------------------------- 40

5.1 Yaboo ------------------------------------------------------------------------------------------- 42

Wabiilee ------------------------------------------------------------------------------------------- 44

Miiltoo --------------------------------------------------------------------------------------------- 47

Miiltoo A ------------------------------------------------------------------------------------------ 47

Miiltoo B ------------------------------------------------------------------------------------------ 54

## Axeerera

Qorannoon kun, kan gaggeeffame, mata duree ‘ Qaaccessa dogoggora qubeessuu xalayaalee waajjira Barnootaafi Bulchiinsa Aanaa Xiyoo’ jedhu irratti. Kaayyoon qorannoo kanaa, dogoggoroota qubeessuu barreeffama xalayoota Waajjira Bulchiinsaafi Barnoota Aanaa Xiyoo sakatta’uufi, qabanni dogoggoroota kanaa maal akka ta’e addaan baasuun yaada furmaataa dhiheessuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf, xalayoota Waajjira Bulchiinsaafi Barnootaa walumaagalatti 60 iddaattoof fudhatamanii madda odeeffannoo ta’uun tajaajilanii jiru. Meeshaaleen qorannoo kana gaggeessuuf gargaaranis, sakatta'a galmee ragaa barruu, afgaaffiifi marii gareeti. Odeeffannoon galmee ragaa sakatta'uun funaaname, baay’ina xalayootaafi jechoota xalayoota keessatti argamaniin lakkaa’amee, gara dhibbeentaatti jijjiiruun gabateedhaan kaa’amee qaacceffame. Akkasumas, odeeffannoon afgaaffiifi marii gareerraa argame jechaan (mala akkamtaa) fayyadamuun sakatta'a ragaa barruu waliin akka wal utubuu danda’utti qaacceffame. Bu’aan qorannichaa haala kanaan argame akka agarsiisutti, xiyyeeffannoon qubeessuuf kennamu laafaa ta'uu, xalayoota barreeffaman osoo bahii hin ta'in gulaalamuu dhabuu, hoggansaafi hojjattoonni waajjiraalee, haala mijeessitoonni yoo gara hojii dhufan dandeettii qubeessuu ulaagaa irratti gaafatamuu dhabuu, walitti qabatuu, qaamni xalayaan bahii ta'uufis, yaada kennuu irra teejjabanii callisuu, dogoggora uumameef tarkaanfiin fudhatamu jiraachuu dhabuu, hundee irraa Afaan Oromoo yoo barsiisan xiyyeeffannoon barsiisuu dhabuufi gahumsa barsiisota afaaniitiin walqabatuu, dhimma kanaan walqabatee qorannoon gaggeeffamee hubannoo yookiin leenjiin adda addaa, hojjattoota waajjiraaleetiif qaamni dhimmi ilaallatu kennuu dhabuu akka ta'e bira gahamee jira. Madda rakkoo olitti eerame kanaafis, xalayoonni waajjiraalee barreeffamu xiyyeeffannoo akka barreeffamu gochuun, qaamni mallatteessee bahii taasisu gulaaluun, qaamonni xalayoota kana qopheessan namoota Afaan Oromoo barreessuu danda’an ta'uu akka qabaniifi waajjirri Aadaafi Turiizimii, qunnamtiifi miidiyaa, kolleejjiifi yunvarsiitiiwwan, qaamoleen qorannoo afaan irratti gaggeessaniifi dhimmamtoonni hundi, waajjiraalee hojii Afaan Oromootiin

gaggeessan keessatti hojjattootaafi hoggansa argamaniif, hubannoofi leenjii adda addaa dandeettii qubeessuu cimsu waliin ta'uun kennuu qabu.

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Ka'iinsa Qorannichaa

Afaan meeshaa dhalli namaa jiruufi jireenya isaatiin wantoota walqabatan kamiiyyuu ittiin gaggeeffatuudha. Afaan meeshaa waliigaltee ilma namaa ta'ee, kan namoonni iddoowwan gara gaaraatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchaniidha.

Hodgefi Kress (1993) afaan ilmi namaa wantoota akka ilaalchaa, gochaawwan raawwatamuufi yaada garee walfakkaatu adda addaa jiddu gala godhachuun akka walii galan taasisa.
Afaan Oromoo, Afaanota Ardii Afrikaa keessatti argaman Afaan Arabaafi Hawusaatti aanee ummata hedduun bal'inaan akka dubbatamu hayyoonni baay'een irratti waliigalu. Hamid, 1995; Mohammed, 1994; Temesgen, 1992; Gragg, 1976. Bal'inni isaa kuniifi sadarkaan inni Afrikaafi Itoophiyaarratti qabu maal akka fakkaatu yaada kaa'aniiru. Tilahun (1994:36), "Afan Oromo, a highly developed spoken language, is at the top of the list of the distinict and separate 1000 or so languages spoken in Ethiopia Empire, Somalia, Sudan, Tanzania and Kenya," jechuudhaan ibsee jira.

Akka yaada kanaatti, Afaan Oromoo afaan bifa dubbiitiin jiru dagaagfatee jira. Kun immoo, kan beekamu afaanota garaagaraa kumaa gad hintaaneefi gaanfa Afrikaa keessatti argaman keessaa ol'aanaa ta'ee argamuu isaa mul'isa. Haata'u malee, Afaan Oromoo osoo barreeffama irra hinoolin waggoota dheeraa lakkoofsisee jira.

Yeroo ammaa kana afaan kun, Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti sadarkaa adda addaatti afaan hojiifi barnootaa akkasumas mana murtii ta'ee jira. Kana malees, dhaabbilee sab-qunnamtii gara garaa keessatti hojiirra oolee tajaajila kennaa jira.

Haa ta'uu malee afaanichi afaan barreeffamaa kan ta'e as kaluudha. Kanaan walqabatee ittiin hojjachuurratti dogoggorri qubeessuu akka uumamu ni hubatama. Dogoggorri qubeessuu mul'atu ergaa barreeffamaan darburratti rakkoo gara garaa akka qabu beekama. Kun immoo,

ergaa barreeffamaan darbu maqsuu yookiin hiika dhabeessa taasisuu danda’a. Qabanni isaa afaanicha keessatti dhamsagni tokko jijjiirraa hiikaa wanta fiduu danda’uuf. Kana qofa osoo hin taane, dagaagina afaan gama barreeffamaatiin taasisus qancarsuu danda’a. Rakkooleen gama caasaatiin afaanicha irratti hojjachuu keessatti mul’atan muraasni dhaaba dhabuu jechootaa, gaaleefi maxxantootaa akka ta’e Adugna (2009); (2010) ibseera.

Kanaaf rakkoon gama itti fayyadamuutiifi caasaatiin mudachuu hinoolu. Kanarraa ka'uun yaadrimeewwan faloo barbaadan kallattiiwwan adda ddaatiin mul’achuu danda'a wanta ta'eef, wantoonni sirratuu qaban yoo jiraate kallattii kaayuun barbaachisaadha.

Qorannoon kunis haaluma kana bu’uura taasfatee madda rakkoo qubeessuu barreeffama xalayaalee waajjiraalee mootummaa keessatti mul’atan addaan baasuun yaada furmaataa barbaaduurratti xiyyeeffata.

Qubeessuun barreeffama tokko keessatti iddoo guddaa qaba. Afaan Oromoo keessatti dhimmi qubeessuu yeroo ka’u, gama kanaan namoota hedduu biratti rakkoon cimaan ni mul’ata. Rakkoo dogoggora qubeessuu kana irratti qorannoon kallattii gara garaattiin gaggeeffamee jira.

Ballaxaa (2011) madda dogoggora qubeessuu kaadhimamtoota barsiistotaa Kolleejjii Barnoota Barsiistotaa Asallaa afaan dhalootaatiin leenji’an irratti qorannoo gaggeesse ture. Argannoo gama biraatiinis Qorannoo Zalaalam Amantee (2012), Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo, Beeksisoota Taappeella Magaalaa Adaamaa jedhu irratti, argannoon qorannoo kanaa, beeksisoota taappeellaa Magaalaa Adaamaa keessa jiran: dogoggora caasaa, qubee, sirna tuqaalee, hanqina jijjirraa maqaafi fayydama jechoota mijatoo hin taanee akka qaban ibsee jira.

Akkasumas, Yeshixilaan Hailemariam (1999) fi Birhaanuun (1996) rakkoo qubeessuu Afaan dhalootaa keessatti qunnamu osoo hin ta’in, barattoonni Oromoo yeroo Afaan Ingiliizii baratan sababa afaan dhalootaatiin rakkooleen qubeessuu isaan mudachuu isaanii ilaalchisanii qorannoo gaggeessan.

Dabalataanis, Qorannoo naannoo qorataan jirutti gaggeeffaman keessaa haa eeramanii malee iddoo gara garaattis haaluma walfakkaatuun kan qoratamaniifi qoratamaa jiran jiraachuu

danda`u. Haa ta'u malee, qorannooleen eeraman kunniin dogoggora qubeessuu xalayoota waajjiraalee mootummaa keessatti mudhatan wanti mul'isan hinjiru.

Kanaafuu, qorannoon kun madda dogoggora qubeessuu barreeffama xalayoota waajjiraalee hojii mootummaa keessatti barreeffaman irratti uumaman sakatta'uun yaada furmaataa dhiheessu irratti xiyyeeffata. Kanaaf, qorannoowwan qorattoonni kunniin taasisan irraa adda.
Kanaafis, qorataan kun barreeffamni xalayaa waajjiraalee hojii mootummaa keessatti barreeffaman akkaataa ittiin qubeeffaman yeroo ilaalutti dogoggora qubeessuu kan qaban ta'uusaa hubachuu irraa ka'uun sababiin isaa maal akka ta'eefi kun immoo seera barreeffama Afaan Oromoo keessatti, jijjiirraa hiikaa kan fiduufi hiika kan dhabsiisu ta'uun isaatiin mata dureen kun akka filatamuufi madda rakkoo qorataan addaan baasee yaada furmaataa eeruuf ka'umsa ta'ee jira.

## 1.2 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.2.1 Kaayyoo Gooroo:

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa:

Dogoggoroota qubeessuu barreeffama xalayoota waajjira Barnootaafi Bulchiinsa Aanaa Xiyoo keessatti argaman sakatta'uun, qabanni dogoggorichaa maal fa'a akka ta'an adda baasuun yaada furmaataa eeruudha.

### 1.2.2 Kaayyoo Gooree:

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa:

1. Akaakuu dogoggora qubeessuu barreeffama xalayoota waajjira Bulchiinsaafi Barnoota Aanaa Xiyoo keessatti mul'atan addaan baasuu.
2. Dogoggora qubeessuu barreeffama xalayoota waajjira Barnootaafi Bulchiinsa Aanaa Xiyootiif wantoota qabata/sababa/ ta'an adda baasuu.
3. Dogoggora qubeessuu xalayoota Waajjira Barnootaafi Bulchiinsa Aanaa Xiyoo keessatti uumaniif yaada furmaataa eeruu.

## 1.3 Gaaffilee Qorannoo

Qorataan madda rakkoo kanaatiif gaaffiilee bu'uuraa armaan gadii bu'uura godhatee jira.

1. Akaakuuwwan dogoggora qubeessuu barreeffama xalayoota waajjiraalee hojii mootummaa keessatti mul’atan maalfaadha?
2. Akaakuuwwan dogoggora qubeessuu barreeffama xalayoota waajjiroota hojii mootummaa keessatti uumamaniif sababoonni maal faadha?
3. Rakkina qubeessuu barreeffama xalayoota waajjiraalee mootummaa keessatti mudhataniif furmaanni maal ta’uu danda’a?

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Waa’ee barbaachisummaa dandeettii qubeessuu ilaalchisee Robert, (1965:4) yoo ibsu, “The ability to recognize, recall, reproduce or obtain the correct sequence of letters in words either in oral or in written form is very important for the development of writing,” jedha. Kunis, ogummaan qubeewwan jechoota keessa jiranii hubachuu, yaadachuu, irra deebi’anii jechuu yookiin tartiibni isaanii jecha yookiin barreeffama keessatti qaban guddina barreeffamaatiif daran barbaachisaa akka ta’e ibsa. Bu’uuruma kanaan namoonniifi qaamonni armaan gadii qorannicha kan dubbisuun fayyadamtoota ta’u. Isaanis:

- Qorannoon kun waajira Bulchiinsaafi Barnoota aanaa Xiyootti wanta gaggeeffamuuf hunda dura hojjattoonni waajjiraalee kanaa qorannoo kana yoo dubbisan, maddoonni dogoggorichaa maal fa'a akka ta’e hubachuun, dogoggora qubeessuu gama kanaan uumamu hir’isuun fayyadamtoota ta'u.

- Qorannoon kun qorattoota qorannoo walfakkaatoo gaggeessan birootiif ka’umsa ta’uu ni danda’a.

- Waajiraalee hojii mootummaa keessatti barreeffamni xalayaalee haala kamiin qophaa'uu akka qabaatu hubachuu danda’u. Kun immoo, barreeffamni xalayoota waajjiraalee mootummaa keessatti hojjattoonniifi hogganoonni qopheeffatan kaayyoo qophaa’eef akka fayyadu ni taasisa. Kanaafuu, waajjiraaleen mootummaafi dhuunfaas dabalatee yoo dubbisan bu’aa qorannoo kanaarraa fayyadamtoota ta’u.

- Gama biraatiin qaamni xalayaan barreeffamuuf hunduu ergaa guutuu hubatuun deebiin kennuu malanis, ta'ee hojiin raawwatan osoo hin harkifanne yeroon galmaan ga'uu keessatti gahee qabaata.

- Hojjattoonni waajjiraalee eeramanii dogoggora qubee irratti isaan muudatu fooyyeffataa akka deeman taasisuu keessatti gahee guddaa qabaata.

- Kanarraa ka'uun gama guddinna barreeffama Afaan Oromootiifi itti fayyadamaatiinis gaheen qabu ol'aanaadha.

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannichi waajjiraalee mootummaa naannoo Oromiyaa hundaarratti osoo gaggeeffamee bu’aa guddaa buusuu akka danda’u hubatamaadha. Haa ta’uu malee, qorataan qorannicha yeroo gaggeessu, hojii idilee hojjataa waan ta’eef hanqina yeroofi baajataa irraa kan ka’e qorannoon kun dogoggoroota qubeessuu galmee barruu xalayaalee Waajjira Bulchiinsaafi Barnoota Aanaa Xiyoo qofaarratti xiyyeeffate.

Qorannoon kun kan gaggeeffame, Naannoo Oromiyaa, Godina Arsii Aanaan Xiyoo keessatti. Waajjiraalee mootummaa aanichaa hundinuu magaalaa Asallaa keessatti kan argaman yoo ta'u, qorannichi waajjiraalee aanichaa keessaa waajjira Barnootaafi Bulchiinsaa irratti daangga'e. Sababiin waajjiroota lamaan qofarratti daanga’eefis, waajjiroonni hedduun aanicha keessatti haa argamanii malee, waajirri Bulchiinsa aanaa waajjiroota aanicha keessatti argamaniifi gandoota aanichaa keessatti argaman hundaafuu, xalayoota baldhinnaan kan barreessuufi irra caalaa qaamolee yookiin waajiroota aanichaa bakka bu’a wanta ta’eefi waajjirri barnootaallee, manneen barnoota sadarkaa 1ffaa hanga qophaa’innaatti hedduminaan gandoota aanichaa keessatti aragaman, kan hogganuufi xalayoota adda addaa baldhinnaan kan barreessan wanta ta’eef waajjiroonni lamaan kun, aanicha akka waliigalaatti bakka bu’an

jedhamanii wanta yaadamaniif. Qorataan qorannoo kanaa aanicha kan filateef, muuxannoo hojii dheeraa aanicha keessatti qaburraa, dogoggoroota qubee xalayoota waajjiraalee mootummaatii barreeffaman irratti muldhatan teejjabaa waan tureef, ragaa dhugummaa qabuufi qorannicha galmaan ga'u salphamatti argatuu waan danda'uufi odeeffannoo ragaa qorannichaa utubu namoota irraa argatuu danda'u keessa wanta beekuuf kaayyoo qoranichaa naaf milkeessa jedhee wanta yaadeef.

Gama birootiin, xiyyeeffannoon qorannichaa rakkina qubeessuu barreeffama xalayoota waajjira Bulchiinsaafi Barnootaa aanaa Xiyoo bara 2006 - 2008 irratti kan daanga’eefi akkaataa barreeffama jechootaa, bifaafi boca qubeewwaniifi ergaa dabarsuu barbaadameetiin maal akka fakkaatu, irratti kan xiyyeeffateedha. Qorannicha keessatti, akka madda ragaa dabalataatti, hoggantoota. abbootiin adeemsaafi haala mijessitoonni waajjiraalee lamaanii qooda fudhatanii jiru.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Hanqinaalee qorannoo kana keessatti muudatan keessaa, yeroo ragaa barruu funaanuuf socho’utti, hojjattoonni mana galmee xalayaalee kennuuf eeyyamamaa ta’uu dhabuu, hoggantoonni tokko tokkos xalayoota kana bahii godhanii kennuu irratti shakkii horachuu, yeroo afgaaffiifi mariin garee gaggeeffamu, qaamonni tokko tokko argamuu dhabuufi kan argamanis jarjaruu yoo ta’u, qoratichi qaamolee kana itti deddeebi’ee beellamsiisuufi amansiisuun qorannoon kun akka milkaa’u taasisee jira.

## 1.7 Ijaarama Qorannichaa

Ijaaramni qorannoo kanaa haala gadiitti raawwateera. Innis, boqonnaa tokkorratti seensa qorannichaatu dhiyaate. Seensichis; ka'iinsa, gaaffiilee bu'uuraa, kaayyoo gooroofi gooree, barbaachisummaa, daangaafi hanqina qorannichaa of keessaa qaba. Boqonnaa 2^ffaa^ keessatti, sakatta barruttu dhiyaate. Sakatta'iinsi barruu kun, mata dureewwan; qubeessuu, faayidaa sirritti qubeessuu, maddeen dogoggora qubeessuufi rakkoo sirritti qubeessuu dhabuutiin uumaman jedhan jalatti sakatta'iinsi gaggeeffame. Malleen qorannichaa boqonnaa sadaffaa keessatti kan ibsaman. Isaanis; saxaxa, irraawwatama, iddatteessuu, maddoota ragaalee, malleen odeeffannoon ittiin funaanaman, ga'umsa meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa

qorannichaattu dhiyaate. Boqonnaaleen afuriifi shan qaaccessa ragaaleefi xumura yoo ta’an, akka ijootti: ragaa qaaccessuufi hiikuu, qaaccessa ragaa akaakuuwwan qubeessuu, cuuffaafi yaboo qorannichaattu walduraa duubaan dhiyaate.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti sakatta'iinsi barruulee walfakkaatoo qorannichaa ta'antu dhiyaate. Sakatta'iinsi kunis, mata dureewwan armaan gadii jalatti taasifame.

## 2.1. Qubeessuu

Ogummaan barreessuu sadarkaalee keessa darbu keessaa inni tokko qubeessuu (spelling) dha. Kun immoo uunkaa dhamsagootaa irraa eegaluun hanga sadarkaa barreeffama bal'aa ijaarutti deema. Hornby, (1995:677) yoo ibsu, “The processes of writing or drawing letters begin from codification stage to the stage of composing or writing an essay,” jedha. Kanarraa hubachuun kan danda’amu qubeessuun barreeffamoota sadarkaa garaagaraatiif jalqaba ta’uu isaati. Kanaafuu, xiyyeeffannoon sadarkaa kanaaf kennamu milkaa’ina sadarkaa babal'oo kaawwanii murteessa.

Qubeessuu sadarkaa jechaa dhamsagootarraa uumamu ilaalchisee immoo “The action or process of forming words can be correctly formed from individual letters,” jechuun dhiheessa (achuma). Kun immoo jechoonni akkaataa afaan isaanii keessatti hiika qabaachuu danda’aniin barreeffamuu isaanii kan ilaallatudha. Kana malees, hayyoonni adda addaa qubeessuu bifa garaagaraatiin hiikuu yaalanii jiru.

Hayyuun Bayrne (1988) jedhamu, qubeessuun bifa boca sirrii ta’eefi bakka bu’aa sagalee ta’aniin barreessuudha. Kunis qubeen bakka bu’aa sagaleelee afaanii ta’uun jechoota, gaaleewwan, himoota, keeyyataafi barreeffamoota akaakuu adda addaa barreessuun qubeessuudha jechuun ibsa.

Itti dabalees, Lado (1964:43) qubeessuun qubeewwan mallattoo mul’ataniifi hubataman sagalee dubbii bakka bu’aniidha jechuun dhiheessa. Kana malees, Hacher (1992) hiika qubeessuu yoo ibsu, qubeessuu jechuun qubeetti fayyadamuun barreessuu jechuudha.

Yemmuu barreeffamaan ergaa dabarsinu, qubeewwan sirrii ta'anitti fayyadamuun jechoota barreessuu barbaanne bakka buusuu baannaan, wanti nuti jechuu barbaanne, osoo hinjedhamin hafee wanti biraa jedhamuu waan danda'uuf yookiin jijjiiramuuf, of eeggannoo nu barbaachisa. Kun immoo qubee sirriitti fayyadamnee barreessuu danda'uun ogummaa akka ta'e mul'isa.

Bifa biraatiinis, maalummaa qubeessuu ilaalchisuun, Suzan (1994:775) yemmuu ibsitu, "Spelling is the way we combine letters to write words. Learning to spell correctly is a part of learning a language," jetti. Yaadni kunis, sirriitti qubeessuun barreessuu keessatti gahee guddaa qabaachuu isaa nutti hima.

Walumaagalatti, hiikkaawwan armaan olitti kennamanirraa, jechi qubeessuu jedhu bifa dhamsaga adeemsa fudhatama qabaniin waraqaarra kaa'uu yookiin gurmuu dhamsagoota jechoota keessa jiranii akkaataa hiika kennuu danda'aniin qindeessuudha. Dabalataanis, amaloota sagaloota Afaan Oromoo (sagalee laafaa, jabaa, gabaabaa, dheeraa, irra butaa) eeganii jechoota barreessuun qubeessuu akka ta'e hubatama. Kanatti aansuunis faayidaa sirriitti qubeessutu dhihaata.

## 2.2. Faayidaa Sirriin Qubeessuu

Barreessuun dandeettiiwwan afaanii keessaa isa tokko yoo ta'u, dandeetti kanaaf bu'uurri qubeessuudha. Hanqinni qubeessuu immoo, dandeettii barreessuu naafa yookiin hanquu taasisa. Itti dabalees, namichi barreessullee, yaada ofii dabarsuu barbaade waliin qunnamtii cimaa akka hinqabnetti akka ilaalamu taasisa. Sirriin qubeessee barreessuu hindandeenye taanaan barreessichi qabiyyee dhimma barreessurratti beekumsa gahaa akka hinqabnetti fudhatama. "One of the keys to successful writing is correct spelling. Being able to spell correctly is a mark of an educated person," Geetaachoo, Kadiiriifi Tasfaayee (2001:7). Kunis milkaa'ina barreessuutiif sirriin qubeessuun ijoodha. Sirriin qubeessuunis mallattoo nama baratee akka ta'e ibsu.

Gama biraatiinis, sirriin qubeessuun sirrummaa qubeessaa (speller) agarsiisuudha. Kun immoo, barreessaan tokko dubbisaa isaa biratti akka fudhatama qabaatu taasisa. Kana waliin, dubbisaaf kabaja akka qabu kanneen agarsiisan keessaahis tokko sirriin qubeessuudha.

Sirrummaan qubeessuu to'annaa jala galfame, adeemsa barreeffamaan of-ibsuuf (written expression) haala mijeessa. Kun ta'uun immoo, jireenyi akka namatti tolu gochuu ni danda'a Fitzgerald, (1951).

Walumaagalatti, qubeessuun ergaa tokko dabarsuuf, dubbisaa keenya biratti fudhatama argachuuf, akkasumas ogummaa barreessuutiin milkaa'uuf faayidaa guddaa qaba.

### 2.3. Akaakuu Dogoggora Qubeessuu

Dogoggorri qubeessuu akaakuu garaagaraa qabaachuu danda'a. Kan kanatti aananii jiran kanneen eeramuu qaban keessaa muraasa.

Akaakuuwwan dogoggora qubeessuu keessaa jabinniifi laafinni isa tokko ta'ee, kunis qaamolee dubbii sagalee dubbii uumanirratti hundaa'a. Kana jechuunis, qaamoleen dubbii keenya yeroo walitti dhufanii afuura sombaa ol bahu yookiin alaa gara sombaa seenu ukkaamsan humna adda addaatiini. Qaamoleen dubbii sun humna cimaadhaan waltuqanii yookiin walriganii afuura sana ukkaamsu/iggitu taanaan bakka sanatti sagalee jabaatu uumama. Akkasumas, qaamoleen dubbii sun humna xiqqaadhaan yookiin yerooma tokko qofa waltuqanii gargar bahu taanaan immoo bakka sanatti sagalee laafaatu uumama.

Fakkeenyaaf, jechoota sagalee laafaa qaban: "gaaduu", "baruu" kanneen "gaadduu"fi "barruu", akkasumas jechoota sagalee jabaa qaban: "soddaa", "baddaa" kanneen "sodaa"fi "badaa" jechuun kan laafuu qabu jabeessuufi jabaachuu qabu laaffisuun qubeessuun uumama dogoggora qubeessuutiif qabata. Sababa kanaatiif, rakkoon kun akka akaakuu dogoggora qubeessuu tokkootti eeramudha.

Kana malees, dheerinniifi gabaabinni sagalee akaakuuwwan dogoggora qubeessuu keessatti kan ibsamanidha. Kunis Afuurri qaamolee dubbii keenyaan ukkaamamee gad lakkifamu sun, battaluma sanatti dafee addaan cita taanaan sagalee gabaabaatu uumama. Akkasumas, afuurri gad lakkifame osoo addaan hincinne yeroo dheeraa qilleensarra tura taanaan immoo sagalee dheeraatu uumama.

Fakkeenyaaf, jechoota sagalee gabaabaa qaban: "lafa", "laga", kanneen "laafaa", "laagaa" akkasumas, jechoota sagalee dheeraa qaban: "laafaa", "duuba" kanneen "lafa" fi "duba" jechuun kan gabaabbachuu qabu dheeressineefi dheerachuu qabu gabaabsinee qubeessuun,

uumama dogoggora qubeessuutiif qabata ta'uun akka akaakuu dogoggora qubeessuu tokkootti eeramudha.

Itti dabalees, irra bunni akka akaakuuwwan dogoggora qubeessuutti kanneen eeraman keessaa kan birooti. Innis jecha keessatti kan uumamuu danda'u yemmuu dubbifamtoonni gosa garaagaraa walitti aananii gidduu jechaa keessatti argamaniidha.

Karaa biraa, irra bunni jalqabaafi xumura jechaarratti hin argamu jechuudha. Bakka dubbifamtoonni gosa garaagaraa walitti aananii argamuu qabanitti sagaleen /i/ carraa jidduu isaanii galuu yoo argatte, dogoggorri qubeessuu uumame jechuudha. Irra butaa ta'uun isaa ni hafa. Dabalees, bakka irra butaan uumamutti, duubaanis ta'ee fuulduraan sagaleen dubbifamaa biroo itti dabalamuu hinqabu.

Dabalataanis, sirrummaa dhabuun duraa duuba dhamsagootaa akaakuuwwan dogoggora qubeessuu keessatti mul'achuu danda'udha. Kana ilaalchisuun Landau, (1984) haala tamsa'ina dhamsagoota afaanichaa sirriitti eeguun akka barbaachisuufi kun ta'uu baannaan garuu, namni barreessu dogoggora qubeessuutiif saaxilamuu akka danda'u ibsa. Kanaaf, jecha keessatti, dhamsagoota afaanichaa akkaataa tartiiba duraa duuba isaaniitiin qindeessuu dhabuun dhiibbaa kan qabu akka ta'eefi kunis dogoggora qubeessuu uumamu keessaa tokko akka ta'edha.

Dimshaashumatti, jabinniifi laafinni, dheerinniifi gabaabinni, irra bunni, sirrummaa duraa duubaa dhabuun dhamsagaootaa kun akaakuuwwan dogoggora qubeessuu keessaa muraasaafi akka fakkeenyaatti kan dhihaatan ta'uu hubachuun ni danda'ama.

### 2.4. Madda Dogoggora Qubeessuu

Dogoggorri qubeessuu bifa garaagaraatiin uumamuu kan danda'u yemmuu ta'u, kanneen gadii akka fakkeenyaatti tuqamuu malu. Kanneen keessaayis, dogoggoraan sagaleessuun gara dogoggora qubeessuutti akka nama geessu hayyuuleen afaanii waliigalu (Temple, 1995; Jamesfi kanneen biroo 1993). Sababnisaa, qubeessi jecha sagaleessuu bakka bu'ee waan jiruufi (Lagettfi kanneen biroo 1988; Barbefi kanneen biroo 1982; Hall, 1961).

Kana malees, Afaan tokko keessatti haalli dubbii garaagaraa jiraachuu mala. Haalli karaa garaagaraatiin yaada tokko ibsuu kun immoo looga. Loogni kunis adeemsa jechoota adda

addaa barreessuus ta'ee dubbachuu keessatti dogoggora qubeessuutiif madda ta'uu danda'a. Kana ilaalchisuun hayyoonni Barbefi kanneen biroo (1982:46) akka kanaan gadiitti kaa'u.

"Children's faulty articulation leads to the second consideration that of the role of nonstandard speech or dialect has in children's learning to spell. Those who in the past have wrongly identified children as in major cause of spelling problems fall into this classification"

Akka yaada waraabbii olii kanaatti, qubeessuufi loogni waalta'aa hinta'in uumama dogoggora qubeessuu keessatti walitti hidhama guddaa qabu. Namoonni barreeffama dhaadhessaa barreessan, akkaataan jechoota itti sagaleessan yoo waalta'aa hinta'in dogoggorri qubeessuu ni uumama. Kanaaf, yaada kanarraa loogni dogoggora qubeessuutiif madda ta'uu akka danda'u hubachuun rakkisaa miti.

Dabalataan, hayyuun Minda (1977) "Causes of spelling errors are of two fundamentally different kinds: personal and verbal," jechuun eera. Kunis, rakkoon dhuunfaafi haasawaa yookiin jechaa ka'umsa dogoggora qubeessuutiif bu'uura akka ta'e kaa'a.

Maddi dogoggora qubeessuu biroo, rakkina seera barreeffamaa afaan tokkoo beekuu dhabuudha. Namni seera barreeffama afaan tokkoo qixeessee hin beekne, adeemsa barreessuu keessatti dogoggora qubeessuu garaagaraa uumuu mala. Kana keessaa tokko, mallattoo (qubee) sagalee afaan ittiin barreeffamu bakka bu'u wallaaluudhaan kan birootti fayyadamuudha. Rakkinni kunis qubeessurratti karaa adda addaatiin mul'ata. Kunis, mallattoo sagalee afaan ittiin barreessanii kan birootin bakka buusuu, tartiiba qubee faallessuu, qubee irraa gatuufi kan hinbarbaachisne dabaluun kanneen akka rakkinaatti mul'ataniidha. Dhimma kana ilaalchisuun,yaanni (Sandie Barrie-Blackley, (http://sport.lexercise.com/entries /387895-how-to-do-a-spelling-analysis) barreessite akka armaan gadiitti dubbifama.

> "Individuals whose orthographic knowledge is deficient often spell words incorrectly because they fail to recognize accepted spelling conventions. As such, the misspellings of individuals with orthographic knowledge deficits are predictably characterized by "illegal" substitutions (e.g., *cas* for *catch*), non-allowable letter sequences (e.g., *jrum* for *drum; kween* for *queen*), phonetically possible spellings that violate "rules" (e.g., *ran* for *rain; coatch* for *coach*), and violation of word position constraints (e.g., *fuj* for *fudge*)"

Akkuma waraabbii kanarraa hubatamuu danda'u, rakkinni qubeessuu seera barreeffamaa afaan ittiin barreessanii wallaalurraa akka maddu hubatama.

Dabalataanis, duubni fayyadamtootaa (barreessittootaas) haalaan qubeessuu dhabuutiif ka’umsa ta’uu danda’a. Kunis, muuxannoofi gahumsi isaan qubeessuurratti qaban laafaa yoo ta’e, haala barreeffama xalayoota barreessuu keessatti dogoggora gama qubeessuutiin uumamuuf sababa ta’a. Kun immoo, adeemsa barreeffamoota xalayoota barreessuu keessatti uumamuu dogoggora qubeessuutiif gumaacha mataa isaa qabaata.

### 2.5. Rakkoo Sirriitti Qubeessuu Dhabuutiin Uumamu

Dhaamsi barreeffamaan darbu tokko sirriitti barreeffamuu yookiin barreeffamuu dhabuun isaa dhiibbaa eeyyamtaafi hi’eentaa qaba (positive and negative impact). Rakkoo qubee dogoggoruun qabu keessaa tokko qubeessaa nagaa dhoowwachuudha. Akkuma abbaan tokko dogoggora dubbatee booda eessaan fuudha jechuun gaabbee jeeqamu, namni dogoggoraan qubeessuu isaa beekus wanta dogoggoretti qaana’a.
Kana ilaalchisuun, Pollock and Waller (199 4) sirriitti qubeessuu dadhabuun jireenya ofii guutuu of nama jibbisiisa jedhu. Yaaduma kana cimsuun Temple (1995), Walvord (1980), qubeessitoonni abdii kutatanii akka waan dhukkuba fayyuu hindandeenyeen qabamaniitti akka of-lakkaa’an sadarkaa gochuurraan gahuu danda’a jechuun ibsu.

Rakkoon biraa immoo, beekumsi jechoota afaan ittiin barreessanii muraasa ta’uudha. Kana jechuun, karaa biraa, jechoota baay’ee beekuun furmaata dogoggoraan qubeessuuti (Moats, 1993). Akkasumas, namni dandeettii biroo boonsaa ta’e qabaachuu danda’a. Garuu, qubeessuurratti hir’inni irraa calaqqisiisa taanaan, dandeettii isaa bishaan itti naquu akka danda’uttiifi akka nama sirriitti hinbarannetti nama lakkoofsisa (Jamesfi kanneen biroo 1993; Zarry, 1991).

Itti dabalees, hayyoonni (Temple, 1995; Jamesfi kanneen biroo 1993; Wiener, 1990) rakkoolee dogoggora qubeessuutiin uumaman yemmuu ibsan, “Weak spelling can affect your performance in exams,” jedhu. Akka yaada kanaatti, dogoggorri qubeessuu qormaata kuffisuu akka danda’u hubatama. Fakkeenyaaf, barsiisaan wayta barataa qoru, deebiin baratichaa dogoggoraan kan qubeeffame yoo ta’e, namni sororsu yaadichu hubachuu dhabee qabxii baratichi argachuu malu dhabsiisuu danda’a. Kanarraa kan ka’es, qaamni qorame rakkoon isa mudachuu danda’a.

Gama biraatiin, barreeffamni xalayoota gara garaa dogoggora qubeessuu qabu, ergaa yookiin yaada abbaan barreeffamichaa dabarfachuu yookiin dabarsuu barbaadeen ala ta'uudhaan, milkaa'ina dhabuu waan yaadameetiif sababa ta'a. Kana malees, dogoggoraan qubeessuun jireenya hawaasa barate keessatti fudhatamni inni qabu gad aanaa akka ta'e beektonni ni hubachiisu (Legettfi kanneen biroo 1988).

Dabalataanis, Getachew, Kedir fi Tesfaye (2001) dhimma rakkoo dogoggora qubeessuu yemmuu ibsan, "Writing misspelled words distracts the reader from the content of the message and causes misunderstanding," jedhu. Yaaduma kana daran cimsuudhaan hayyuun Temple (1995) waa'ee dogoggora qubeessuu yeroo dubbatu, "Misspelling can be confusing, or at least, distracting the reader," jedha.

Yaanni hayyoota kanneenirraa hubatamu, dogoggorri qubeessuu Afaan Oromoo, ergaa darburratti dhiibbaa olaanaa akka qabudha. Afaan Oromootiin qubeessuurratti dogoggorri yoo jiraate sababa kanaaf wanta barreessinu sanarratti jijjiiramni hiikaa dhufuu wanti barreessinu sun hiika dhabuu akka danda'udha.

Rakkina hi'eentaa dogoggora qubeessuutiin dhufu kan biraa, hayyoonni (Getachew, Kedir fi Tesfaye 2001:7) n akka kanaa gadiitti kaa'u.

> "Writing a misspelled word distracts the reader from the content of the message and causes misunderstanding. This is because whenever there are misunderstandings the reader must pause to solve the causes for misunderstanding rather than speed ahead to absorb the writer's message. Moreover poor spelling makes you look inept: it lowers your image as writer in the mind of your reader. Proper spelling, therefore, is basic to effective writing."

Yaada hayyootaa kanarraa kan hubatamuu danda'u, jechoota sirriitti qubeessuun ergaan barbaadame sirriitti dubbisaa bira akka gahu gochuu keessatti gahee guddaa taphachuu kan danda'u ta'uu isaati. Kun hinta'u taanaan garuu, ergaa darbuuf jedhurratti dhiibbaan akka qaqqabuu danda'udha.

Karaa biroos, sirrummaan dhamsagaa yoo hin eegamne ta'e, ergaa darburratti hammeenya guddaa akka qabu (Jamesfi kanneen biro, 1993:287) akka armaan gadiitti akeekkachiisu. "Prioritizing communicability has resulted in increased tolerance toward imperfections in second language users' grammar and pronunciation. Imperfect spelling however cannot be disregarded and it incurs severe social penalities.''

Waraabbii kanarraa akka hubatamutti, haasawaan lamaan waan jedhamurratti erga walii galuu danda'anii, dogoggorri dubbii kan dubbataan afaan lammataa uumamu ni obsama. Haata'u malee, dogoggorri qubee kan barreeffamarratti mul'atu ergaa darburratti gufuu guddaa uuma waan ta'eef, kan obsamuu miti. Keessumattuu, dogoggorri kitaabaa akka galmee jechootaa keessatti mul'atu miidhaan isaa ni hammaata. Hammeenya dogoggorri qubee qabu (Yeshitilaan,1999), (Mudd, 1994) eeruudhaan akkana jedha. "To write without being able to express what one has to say with precision and to fail in fact to communicate." Akka yaada waraabbii kanaatti, qubee sirriitti qubeessuu dhabuun ergaa qajeelaa dabarsuu dadhabuufi waliigaltee irrattis gufuu dha.

Gama birootiinis, Landau, (1984:87) tajaajila teessuma jechaa sirrummaa qubeetiin walqabsiisee akkanatti ibsa: "The main entry form in a dictionary serves a number of different purposes. If indicates the preferred spelling; it indicates the usual printed form of the lexical unit, i.e, wether capitalized or not." Kanaaf, barreessitoonni sirrummaa haala tamsa'ina dhamsagoota afaanichaa sirriitti eeguun akka barbaachisu hubachiisu.

Walumaagalatti, rakkoon sirriitti qubeessuu dhabuutiin uumamu xinsammuurratti (jeeqamuu, abdii kutachuu), walqunnamtii barreessaafi dubbisaarratti gufuu ta'uu, ergaa darbuu malu faallessuufi waaltina afaanichaarratti rakkoo uumuu akka danda'udha.

## BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

Boqonnaan kana keessatti saxaxa qorannichaa, iddattoo, madda ragaafi mala odeeffannoon itti funaaname, haala qophii gaaffileefi malli qaacceessa ragaa duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa /Mala Qorannichi Gaggeeffamuun/ *(design)*

Malli qorannoo kanaa mala qorannoo addeessaa ta'ee, mala akkamtaafi hammamtaan ragaan funaaname kan qaacca'eedha. Meeshaaleen funaansa garaagaraa kanneen akka afgaaffii, sakatta'a ragaaleefi marii garee fayyadamuun hojiirra oolanii jiru. Qorannoon addeessaa, haala amma jiru tokko maal akka fakkaatu gadi fageenyaan ilaaluuf bu'aa guddaa qaba; Addunyaa(2011).

Malli kun haala wantoonni irratti argaman ilaalchisee odeeffannoo qabatamaa kennuufis nigargaara. Kanaafuu, qoratichi qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo kana filateera.

### 3.2. Irraawwatama

Qorannoo kanaaf iddattoo dimshaashaa kan ta'an galmee barreeffama xalayoota waajjira Barnootaafi Bulchiinsa aanaa Xiyoo keessatti argaman ta'ee, kan bara 2006 - 2008 barreeffaman irrattiidha. Irraawwatamaan waajjiraaleen hojii mootummaa aanicha keessatti argamanii lakkoofsaan baay'ee wanta ta'aniif qorannoo kanaaf mala kaayyeeffatee iddatteessuutiin waajjiraaleen lamaan kun filataman. Waajiroonni kunniin lamaanuu seektarootaafi manneen barnootaa akkasumas gandoota aanicha keessatti argaman hundaafuu xalayaa bal'innaan kan barreessan wanta ta'aniif.

### 3.3. Iddatteessuu

Iddatteessuun qorannoo kanaa, xalayaalee bara 2006 - 2008 irraa mala carraa tasaatiin xalayaaaleen kudhan kudhan filatamanii, walumaagalatti waajjiraalee lamaan irraa xalayoonni lakkoofsaan 60 ta'an sakatta'amanii jiru.

### 3.4. Maddoota Ragaalee

Maddi ragaalee qorannichaa madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaa irratti kan hundaa'eedha. Madda ragaa lamaan irrattii xiyyeeffannoon kan kennammeef, maddi ragaa tokko qofti odeeffannoo ga'aa ta'e argachuu dhabuu waan maluuf madda ragaa lammmaffaattis dhimma bahamee jira.

#### 3.4.1. Madda Ragaa Tokkoffaa

Madda ragaa tokkoffaa qorannichaa qaaccessa galmee barruu xalayoota waajjiraalee iddatteessa'amanii sakatta'amanii jiru. Gama birootiin, afgaaffii hogganoota waajiraalee filatamaniitiif kan gaggeeffameefi marii garee abbootii adeemsaa akkasumas haala mijeessitoota waajjiraalee lamaan filatamanii waliin gaggeeffameedha.

### 3.5. Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaanaman

Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu malleen akkamtaafi hammamtaatiin funaaname. Malleen kunis, sakatta'a barruu, afagaaffiifi marii gareetiin gaggeeffamee jira. Armaan gaditti immoo, ibsaafi qabata isaan ittiin filatamantu dhiyaata.

#### 3.5.1. Sakatta'a Barruu

Mala odeeffannoon qorannichaa ittiin funaaname keessaa ragaa barruu sakatta'uun isa tokko ture. Kunis akaakuuwwan dogoggoroota qubee Afaan Oromoo barreessuutiin gurmeessuun sakatta'iinsi gaggeeffame. Adeemsi kun ragaa barruu jiru sakatta'uun rakkinicha mullatu qabatamaan argee akka mirkaneeffatamu gargaareera.

Kanas qabxiilee mirkaneessituu qopheeffachuun waajjira Barnootaafi Bulchiinsa aanaa Xiyootii xalayoonni barreeffaman ilaalamanii, wantoonni dogoggora qubeessuutiif qabata ta'aniifi akaakuun dogoggorichaa maal fa'a akka ta'an addaan baasuuf dhimma itti bahameera.

#### 3.5.2. Afgaaffii

Mala odeeffannoon qorannichaa ittiin funaaname keessaa afgaaffiinis isa tokko. Kunis, odeeffannoo dabalataa argachuufi hir’ina malli sakatta'a barruu qabu ittiin guutuuf. Afgaaffichis kan qophaa’u namoota kallattiidhaan dhimmichi ilaallatuuf. Afgaaffichas kan gaggeesse qorataa yoo ta’u, namoonni afgaaffiidhaaf dhihaatan hogganaa waajjira Bulchiinsaafi waajjira Barnoota aanaa Xiyootiif.

### 3.5.3. Marii Garee

Malleen odeeffannoon qorannichaa kana ittiin funaanaman keessaa mariin gareetiis kan birooti. Mariin garee kan gaggeeffame, aboootii adeemsaafi haala mijeessitoota waajjiraalee filatamanii lamaanii irraa yoo ta'u, Odeefkennitoonni kunniin mala kaayyeeffateen kan filatamaniidha. Kunis, namoota dhimmichi kallattiidhaan isaan ilaallatu mari’achiisuun rakkinichi hangam gad-fageenya akka qabu hubachuufi odeeffannoo funaanamu daran qabatama gochuuf kan dhimmi itti bahameedha. Odeeffannoo sakatta'a barruutiifi afgaaffiin argaman caalatti kan cimse ture.

## 3. 6. Adeemsa Ragaan Qorannichaa Ittiin Funaanname

Erga funaansa ragaa madda tokkoffaa xumuramee gabateen dhiyaatee booda, odeefkennitoota afgaaffiitiifi marii gareetiif kaayyoon qorannichaa ibsameefii, madaqsi erga kennameefii booda, namoota afgaaffiifi marii garee irratti hirmaatan waliinis mariin taasifamee dabalataan odeeffannoon argame waliin qindaa’eera.

## 3. 7. Mala Qaaccessa Ragaa

Odeeffannoon qorannichaaf barbaachisan malleen garagaraatiin funaanamanii mala adda addaatiin qaacceffamanii jiru. Ragaaleen funaanaman mala jechaan ( akkamtaafi ammamtaa) isaaniitiin kaayyoo qorannichaatiin walfaana sakatta'aman. Ragaaleen afgaaffiifi marii garee irraa funaanaman haala caaseffama qubeessuu barreeffama Afaan Oromootiin sakatta'amuun odeeffannoowwan kaawwan waliin akka wal-utubutti qaacceffame. Gama birootiin, odeeffannoowwan ammamii dhimmicha agarsiisaniifi akkamii isaa mul’isan, haala wal-utubuu danda’aniin bakka tokkotti qaacceffaman.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSUUFI HIIKA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti ragaaleen maddeen adda addaarraa meeshaalee garaagaraatiin funaanamantu gabateefi ibsaan dhiyaatantu qaacceffame.

Ragaaleen sakatta'a qaaccessa galmee, afgaaffiifi marii gareetiin argame, akkuma duraa duubummaa isaaniitiin gabateedhaan qoqqoodamee dhihaatee jira. Gabatee jalatti immoo, ibsi ragaa gabaticha kaa'amee jira. Itti aansuunis, ragaan marii gareerraa argame bakka wal-utubuu danda'utti wal-morkisiisuufi waldeeeggarsiisuun gara argannichaatti akka deemu taasifamuun qaacceffame.

## 4.1. Qaaccessa Ragaa Dogoggora Qubeessuurratti Gaggeeffame

### 4.1.1 Baa'inaafi Akaakuu Dogoggora Qubeessuurratti Ragaalee Argaman

Dogoggorri qubeessuu akaakuuwwan garaagaraa akka qabu gabatee 1ffaa kanaa gadii jalatti qaacceffamanii jiru. Kunis, barreeffamoota galmee xalayoota waajjira Bulchiinsaafi Barnoota aanaa Xiyootiin barreeffaman irratti kanneen mul'atan irraatti ragaa argamantu gabatee gadii keessatti dhihaatee qaacceffamee jira.

Gabatee 1. Dogoggora Qubeessuu Xalayoota Waajjira Barnoota Aanaa Xiyootiin Barreeffaman Irratti Baay'ina Xalayootaafi Jechootaatiin

| Bara | Baay'ina Xalayootaa | Dogoggora Kan qabu | Dogoggora Kan hin qabne | Baay'ina jechootaa | Dogoggora Kan qaban | Dogoggora kan hin qabne | Dogongora jechootaa xalayaa tokkotti | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | Ol'aa naa | Gad aanaa |
| 2006 | 10 | 10 | - | 1,105 | 274 | 831 | 77 | 9 |
| Heddumina %n | 100 | 100 | - | 100 | 24.8 | 75.2 | 28.1 | 3.28 |
| 2007 | 10 | 10 | - | 1,308 | 187 | 1,121 | 39 | 4 |
| Heddumina %n | 100 | 100 | - | 100 | 14.3 | 85.7 | 20.8 | 2.1 |
| 2008 | 10 | 10 | - | 1,055 | 107 | 948 | 22 | 4 |
| Heddumina %n | 100 | 100 | - | 100 | 10.14 | 89.86 | 20.5 | 3.7 |
| 2006-2008 | 30 | 30 | - | 3468 | 568 | 2900 | 138 | 17 |
| Heddumina %n | 100 | 100 | - | 100 | 16.4 | 83.6 | 24.3 | 2.99 |

Gabatee (1) keessatti akkuma dhihaate, baay'inni xalayoota bara 2006-2008 fudhataman 30 keessaa kan dogoggora qubeessuu qaban hunda yookiin %100 akka ta'eefi dogoggora kan hinqabne akka hinjirre agarsiisa. Haa ta'uu malee, xalayoota kana keessatti dogoggorri jiru garaagarummaa akka qabuufi xalayaan gad aanaan dogoggora jechoota 4 kan qabu, xalayaan dogoggora ol'aanaa qabu jechoota 77 akka qabu ibsamee jira. Akkasumas, xalayoota 30 sakatta'aman kana irratti baay'inni jechootaa argaman 3,468 yoo ta'u, kanneen keessaa jechoonni dogoggora adda addaa of keessaa qaban 568 dhibbentaan % 16.4 yoo ta'u, kan dogoggora adda addaa of keessaa kan hin qabne, yookiin kan seeraan qubeeffaman immoo jechoota 2,900 dhibbentaan %83.6 dha. Gama jechoota barreeffama xalayoota bara sadan walfaana jiran kanaatiin yemmuu ilaallamus, baay'inni dogoggora jechootaa wanta fooyya'aa dhufaniifi jechoonni baay'een dogoggora kan hinqabneef xiyyeeffannaan kan qubeeffaman akka ta'e ragaan kun ni muldhisa.

Haa ta'uu malee, akka barreeffama xalayaa tokkorratti argamuutiin yemmuu ilaallamu, jechi tokkos dogoggora qaba taanaan ergaa yookiin dhaamsa barreeffamichaarratti rakkoo waan

uumuuf, dogoggorichi akka salphaatti kan ilaalamuu miti. Akkuma waliigalaatti, barreeffamoota xalayoota waajjira Bulchiinsa Aaanaa Xiyootii barreeffaman keessatti, hangi isaa xiqqaa ta'us dogoggorri qubeessuu kan uumamaa jiru ta'uun isaa ragaa kana irraa hubatuun ni danda'ama. Barruu tokko keessatti dogoggorri qubeessuu tokkos uumama taanaan ergaa dabru malu faalleessuu akka malu qorannoo walfakkaatu hayyuu Lado (1964:43)fi Hacher (1992) jedhamuun taasifame argannoo qoranicha kanaa ni deeggara.

Lado (1964:43) qubeessuun qubeewwan mallattoo mul'ataniifi hubataman sagalee dubbii bakka bu'aniidha jechuun dhiheessa. Kana malees, Hacher (1992) hiika qubeessuu yoo ibsu, qubeessuu jechuun qubeetti fayyadamuun barreessuu jechuudha. Yemmuu barreeffamaan ergaa dabarsinu, qubeewwan sirrii ta'anitti fayyadamuun jechoota barreessuu barbaanne bakka buusuu baannaan, wanti nuti jechuu barbaanne, osoo hinjedhamin hafee wanti biraa jedhamuu waan danda'uuf yookiin jijjiiramuuf, of eeggannoo nu barbaachisa. Kun immoo qubee sirriitti fayyadamnee barreessuu danda'uun ogummaa akka ta'e mul'isa.

Gabatee 2. Dogoggora Qubeessuu Barreeffamoota Xalayoota Waajjira Bulchiinsa Aanaa Xiyootiin Barreeffaman Irratti Baay'inna Xalayootaafi Jechootaatiin

| Bara | Baay'ina Xalayootaa | Dogoggora Kan qabu | Dogoggora Kan hin qabne | Baay'ina jechootaa | Dogoggora Kan qaban | Dogoggora kan hin qabne | Dogongora jechootaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | | | | | Ol'aa naa | Gad aanaa |
| 2006 | 10 | 10 | - | 1,210 | 330 | 880 | 60 | 2 |
| %n | 100 | 100 | - | 100 | 27.27 | 72.72 | 18.2 | 0.6 |
| 2007 | 10 | 10 | - | 1,213 | 203 | 1,010 | 43 | 5 |
| %n | 100 | 100 | - | 100 | 16.73 | 83.27 | 21.18 | 2.46 |
| 2008 | 10 | 10 | - | 1,557 | 462 | 1,095 | 83 | 6 |
| %n | 100 | 100 | - | 100 | 10.14 | 89.86 | 17.96 | 1.29 |
| 2006-2008 | 30 | 30 | - | 3,980 | 995 | 2,985 | 186 | 13 |
| %n | 100 | 100 | - | 100 | 25 | 75 | 18.69 | 1.3 |

Gabatee (2) keessatti akkuma dhihaate, baay'inni barreeffamoota xalayoota waajjira Bulchiinsa Aanaa Xiyoo bara 2006-2008 iddattoof fudhatamanii sakatta'aman 30 irratti

dogoggora qubeessuu qaban %100 yoo ta'u, xalayoonni dogoggora qubeessuu of keessaa hinqabne kan hin jirre ta'uu agarsiisa. Kunis kan agarsiisu, barreeffamoota xalayoota waajjira Bulchiinsa Aanaa Xiyoo irratti dogoggorri adda addaa uumamu hangi isaa xiqqaatus baay'atus tokkoon tokkoon xalayootaa dogoggora qubeessuu akka qabu agarsiisa. Akkasumas, xalayoota kanneen keessatti baay'inni jechoota argamanii walumaagalatti 3,980 yoo ta'an, kanneen keessaa jechoonni dogoggora adda addaa of keessaa qaban 995 (%25) fi, kan dogoggora of keessaa hinqabne immoo 2,985 (%75) dha. Gama jechoota barreeffama xalayaa tokkorratti argamaniin yemmuu ilaallamus, xalayaan dogoggora qubeessuu qabu gad'aanaan jechi 2-6 irratti kan muldhatu yoo ta'u, xalayoonni dogoggorri qubeessuu irratti mudhatan ol'aanaan jechoota 60-83 kan qabaniifi xiyyeeffannaadhaan kan hinqubeeffamne ta'uu ragaan kun mudhisee jira.

Haata'u malee, akka barreeffama xalayaalee sakatta'amanii irratti argamuutiin yemmuu ilaallamu, jechi tokkos dogoggora qaba taanaan ergaa yookiin dhaamsa barreeffamichaarratti rakkoo kan uumu ta'uun isaa beekamaadha. Walumaagalatti, barreeffamoota xalayoota waajiraalee ilaalaman lamaan keessatti, hangi dogoggorichaa ol'aanaa ta'uu isaa beekamee jira.

Kana malees, ragaa marii gareetiin bira ga'ame akka mul'isutti, hogganoonni, abbootiin adeemsaafi haalamijeessitoonni waajjiraalee, xalayoota adda addaa Afaan Oromootiin yoo barreessan, dogoggora kanneen akka sagalee dheeraa gabaabsuu, gabaabaa dheeressuu, jabaa laaffisuu, laafaa jabeessuu, hanqina itti fayyadama irra butaa, sagalee dubbii adda addaa seeraan ala itti dabaluu, sagalee galuu qabu galchuu dhiisuufi mallattoolee sagalee Afaan Oromoo bakka bu'an fayyadamuu dhabuun baay'inaan kan mul'atan akka ta'e yaadota maricharratti ka'e irraa hubatameera. Isuma kana qabatamaan kan mirkaneessu xalayoota waajjira Barnootaafi Bulchiinsa Aanaa Xiyootiin barreeffamanii bahii ta'an iddattoof fudhatamanii sakatta'amaniiru. Kunis tokkoo tokkoon fakkeenya waliin armaan gaditti dhihaatee jira.

Gabatee 3. Akaakuu Dogoggora Qubeessuu Barreeffamoota Xalayoota Waajjira Bulchiinsaafi Barnoota Aanaa Xiyoo Irratti Hanga Irra Deddeebiidhaan

| **Akaakuuwwan Dogoggoraa** | **Hanga irra deddeebii dogoggorichaa** | | | |
|---|---|---|---|---|
| | **Waajjira Barnootaa** | | **Waajjira Bulchiinsaa** | |
| | Lakkoof-saan | %n | Lakkoof-saan | %n |
| Sagalee dheeraa gabaabsuu | 234 | 49.19 | 467 | 46.93 |
| Sagalee gabaabaa dheeressuu | 152 | 26.76 | 178 | 17.88 |
| Sagalee jabaa laaffisuu | 104 | 18.30 | 142 | 14.27 |
| Sagalee laafaa jabeessuu | 55 | 9.68 | 168 | 16.88 |
| Dogoggora itti fayyadama hudhaa | 5 | 0.88 | 9 | 0.9 |
| Hanqina itti fayyadama irra butaa | 7 | 1.23 | 13 | 1.3 |
| Sagalee dubbii hin jirre itti dabaluu | 3 | 0.52 | 7 | 0.7 |
| Sagalee galuu qabu galchuu dhiisuu | 8 | 1.4 | 11 | 1.1 |
| Ida’ama | 568 | %100 | 995 | %100 |

Akkuma gabatee armaan olii irraa ilaaluun danda'amutti, akaakuuwwan dogoggoraatiin waajjiraaleen lameeniituu, akaakuuwwan dogoggora hundaatuu kan irratti mudhate ta’uun isaa hubatamee jira. Akaakuuwwan dogoggoraa kun ergaa darburratti rakkinna ni uumu. Kanas, jechoota barreeffama xalayoota akka iddattootti fudhataman irratti hundaa’uun ibsi iiti kennamee jira. Kunis jechoota barreeffamicha keessatti jedhamuu barbaadameefi jedhamee qubeeffamerratti hundaa’uun tokkoon tokkoon isaanii, gabatee (4-9) armaan gadii keessatti dhiyaatee qaacceffamee jira.

#### 4.1.1.1. Sagalee Dheeraa Gabaabsuu

Akaakuuwwan dogoggora qubeessuu kun barreeffamoota xalayoota waajjiraalee lamaan keessatti mul’atan keessaa irra deddeebii ol’aanaadhaan mul’ateedha. Kunis, xalayoota waajjira Bulchiinsaa irratti irra deddeebii olaanaadhaan % 46.93, lakkoofsaan jechhoota 467 irratti dogoggorri sirriin qubeessuu dhabuu kan mul’atu yoo ta’u, xalayoota waajjira Barnootaa irratti immoo % 49.19, lakkoofsaan jechoota 234 irratti mul’dhachuu danda’eera. Kunis kan agarsiisu, hangi deddeebii akaakuu dogoggora kanaa, waajjiraalee lamaaniin xalayoota barreeffaman irratti ol ka’aa ta’uu isaati. Kun immoo, akaakuun rakkinna kanaa gama waajjira Barnootaanis ta'ee waajjira Bulchiinsaatiin rakkina qubeessuu caalmaadhaan cimee mul’atu ta’uu isaa ragaa jirurraa hubachuun ni danda’ama. Afaan Oromoo keessatti dheerinni irsaga

waan ta'eef, hiika jijjiira. Sagaloota dheeraa gabaabsuunis hangasuma hiikaarratti jijjiirama geessisa (BBO, 2000:28).

Gabatee 4. Fakkeenya sagalee dheeraa gabaabsuuf fudhatame

| Kan jedhamuu barbaadame | Kan jedhamee qubeeffame |
|---|---|
| Aadaa | Adaa |
| Jijjiirraan | Jijjiraan |
| Lakkoofsaan | Lakkoofssan |
| Guyyaa | Guuyya |
| Qaamaan | Qamaan |
| D/taa'aa | D/ta'aa |
| Kurmaana | Kurmanaa |
| Ragaa | Raagaa |
| Saalaan | Salaan |
| Waajjirri | Wajjirrii |
| Barreesseen | Barressee |
| Deeggarsa | Deggarsaa |
| Irraa | Irra |
| Kaasee | Kasee |
| Jiruuf | Jiruf |
| Humnaan | Humnan |
| Kaabaan | Kabaan |
| Daangaa | Dangaa |
| Nuu | Nu |
| Daangeffamu | Dangeefamuu |

Jechoonni gabatee (4) keessaa akkuma mul'isanitti, sagaloonni dheeraa jechoota kanneen keessatti argamaniifi dheerachuu qaban barreeffamoota xalayoota akka iddattootti fudhataman keessatti gabaabbachuun qubeeffamanii jiru. Dogoggorri qubeessuu, sagalee dheeraa gabaabsuun uumamu kunis, hiika jechichaafi barreeffamichaarratti rakkoo uuma. Fakkeenyaaf, hiika jechoota "Ragaa" jedhuufi "Raagaa" jedhu yemmuu ilaallamu, guutumaan guututti ergaa yaadichaa kan jedhamuu yaadameetiin ala baha.

Kana malees, dubbisaan jecha dogoggora qubeessuu akkanaa qabu sagaleessuufis ni rakkata. Fakkeenyaaf, jechoota gabatee (4) keessatti dogoggoraan qubeeffaman hunda yemmuu ilaallu, hiika barreeffama xalayoonni dabarsuu barbaadaniitiin faallaa kan ta'eedha. Dabalees, tasuma

hiikni jechoonni kun bakka bu'anis jiraachuu dhiisuu  mala. Fakkeenyaaf, jechoota kanneen akka "kusaa", "salaan", fi kanneen fakkaatan akka ragaatti fudhachuun ni danda'ama.

Dimshaashumatti, dogoggorri qubeessuu sagalee dheerachuu qabu gabaabsuutiin uumamu kun, ergaa barreeffamaan darbu keessatti gufuu ol'aanaa akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

#### 4.1.1.2 Sagalee Gabaabaa Dheeressuu

Akaakuu dogoggoraa barreeffama xalayoota waajjiraalee lamaan qorannoo kanaa irratti irra deddeebi'amanii uumaman keessaa sagalee gabaabaa dheeressuun isa birooti. Ragaan gama kanaan argames yemmuu ilaallamu, sagalee gabaabaa xalayoota waajjira Barnootaa irratti dhibentaa (26.76) yoo ta'u, xalayoota waajjira Bulchiinsaa irratti immoo dhibbeentaa (17.88) dha. Ragaan kunis akka mul'isutti, akaakuun dogoggoraa kun barreeffamoota xalayootaa irratti dheeraa gabaabsuutti aanee irra deddeebii baay'eedhaan kan mul'atu ta'uu isaati.

Akkasumas, akaakuu dogoggoraa kana barreeffamoota xalayoota waajira Barnootaafi Bulchiinsaa akka iddattootti fudhataman keessatti rakkinni inni gama ergaa darbuutiin qabu jechoota akka fakkeenyaatti fudhataman gabatee (5) irratti hundaa'uun ibsuuf yaalameera.

Gabatee 5.  Fakkeenya sagalee gabaabaa dheeressuuf fudhatame

| **Kan jedhamuu barbaadame** | **Kan jedhamee qubeeffame** |
|---|---|
| Dhimmi | Dhimmii |
| Duula | Duulaa |
| Barumsa | Barumsaa |
| Beeksisuu | Beeksiisuu |
| Ta'a | Ta'aa |
| Oliitti | Ollittii |
| Yaalametti | Yaalamettii |
| Biyyaatti | Biyyattii |
| Isa | Isaa |
| Hanga | Hangaa |
| Godhamu | Godhamuu |
| Kennama | Keennamaa |
| Waajjirri | Waajjirrii |
| Xalayaa | Xalaaya |
| Deeggarsa | Deggarsaa |
| Cimee | Ciime |
| Akka | Akkaa |
| Isin | Isiin |
| Na | Naa |
| Boru | Booruu |
| Ilaala | Ilaalaa |

Akkuma gabatee (5) keessatti agarru, jechoota sagalee gabaabaa qabaniifi gabaabinaan qubeeffamuu qaban yemmuu dheeressanii qubeessan mul’isa. Kunis, sagalee gabaabinaan qubeeffamuu qabu tokko yemmuu dheeressuun qubeessina ta’e, hiika jechichaa jijjiiruun, dhaamsi darbu kan jedhamuu barbaadameen ala yookiin hiika dhabeesssa ta’uu akka danda’u hubachuun ni danda’ama.

Dabalataanis, tokkoon tokkoon jechoota gabaticha keessa jiraniifi  dogoggoraan qubeeffaman yoo ilaalle, hiika yookiin yaada barreeffamichaafi himicha keessatti bakka bu’uu qaban irraa maquun ergaa biraa dabarsuu kan danda’aniidha. Kana malees, hiika yookiin ergaa tokkollee osoo hindabarsiin barreeffamicha keessatti argamuun, dubbisaan ergaa barreeffamichaa akka hinhubanneef gufuu ta’uu malu. Fakkeenyaaf, jechoota “ciime”, “hangaa” jedhamuun qubeeffaman yoo ilaalle, akka galumsa barreeffama xalayicha irra jiraniittis ta’ee isaan alatti hiikni isaan bakka bu’uu hindanda’an.

Dogoggorri qubeessuu akkanaa immoo adeemsa jechoota xalayoota keessatti argaman dubbisanii hubachuu keessatti gufuu guddaa akka ta'e hubachuun ulfaataa miti. Akkasumas, ragaan marii garee irraa argames dhugaadhuma kana kan mirkaneessu akka ta'e hubachuun danda'amee jira.

#### 4.1.1.3. Sagalee Jabaa Laaffisuu

Ragaa gabatee (6) keessatti dhihaaterraa akka hubatamutti, akaakuun dogoggoraa kun barreeffamoota xalayoota waajjiraalee lamaaniin barreeffaman irratti, sagalee dheeraa gabaabsuufi gabaabaa dheeressuutti aanee irra deddeebiidhaan mul'atudha. Kunis, hangi irra deddeebii isaa, harka caalmaadhaan barreeffamoota xalayoota waajjira Barnootaa keessatti kan hammaatu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Dhugaa kanas jechoota garaagaraa barreeffamoota xalayoota akka iddattootti fudhataman keessaa ba'an gabatee (6) keessatti dhiheessuun ibsameera.

Sagalee jabaan, afuurri sombaa ba'u qaamolee dubbii keenyaan gufachuun uumamu yoo ta'u, kunis sagalicha uumuuf yeroo inni fudhaturratti hundaa'a (Lass, 1984). Sagaleen dheerachuu qabu yoo gabaabbate akkuma jijjiirama hiikaa fidu, sagaleen jabaachuu qabus, akkaataa jabaatee sagaleeffamuun yoo qubeeffamuu baate jijjiirraa hiikaa mul'isa.

Gabatee 6. Fakkeenya sagalee jabaa laaffisuuf fudhatame

| Kan jedhamuu barbaadame | Kan jedhamee qubeeffame |
|---|---|
| Deddeebisuun | Deedeebisuun |
| Billaalloo | Bilaaloo |
| Barreesseen | Bareeseen |
| Dagguu | Daguu |
| Dirree | Diree |
| Hidhannoo | Hidhanoo |
| Asallaa | Asalaa |
| Guyyaa | Guuyaa |
| Uffata | Ufaata |
| Dhimmi | Dhimi |

Akkuma gabatee (6) irraa hubachuun danda’amutti, dogoggorri qubeessuu sagalee jabaachuu qabu laaffisuutiin mul’atu kunis, barreeffamoota xalayoota adda addaa ilaalaman keessatti irra deddeebiidhaan mul’atan keessaa isa tokko.

Dogoggorri qubeessuu gama kanaan mul’ate kunis, hiika darbuu qaburratti dhiibbaa guddaa akka uumu hubachuun ni danda’ama. Kunis fakkeenyaan yemmuu ibsamu, jechi “Dirree” jedhu “Diree” jedhamee qubeeffame yemmuu ilaalamu, barreeffama xalayoota irratti barreeffame keessatti hiikni jecha “Dirree” jedhu dirree kubbaa miilaa ta’uusaa mul’isuuf kaa’ame. Haa ta’u malee, jechi kun “diree” jedhamee sagalee jabaachuu qabu laaffisuun qubeessina yoo ta’e, hiika, “waraanee” jedhu kennuun ergaa barreeffama xalayichaa keessatti darbuu qabu faallessa.

Gama biraatiinis, dogoggora sagalee jecha kanaa qofa osoo hintaane, jechoonni gabatema (6) keessatti dogoggoraan qubeeffaman kunniin hiika darbuu qaburratti dhiibbaa olaanaa kan fiduu danda’an ta’uun isaanii akka fakkeenyaatti mul’isuuf kan fudhatamaniidha.

#### 4.1.1.4. Sagalee Laafaa Jabeessuu

Sagalee laafaan dubbifamaa kan ilaallatu yoo ta’u, dubbifamaan tokko ta’ee yoo argamu laafee akka sagaleeffamu mul’isa. Lama taasisuun immoo jabeessuu ta’a. Dogoggorri akkaataa kanaan uumamu kunis barreeffamoota xalayootaa keessatti sagalee jabaa laaffisuu caalaa irra deddeebiidhaan kan mul’atudha. Kunis barreeffama xalayoota waajjira Barnootaafi Bulchiinsaa keessatti yemmuu xiinxalamu harka caalmaadhaan waajjira Bulchiinsaa keessatti kan mul’atudha.

Dogoggorri gama kanaan mul’ate, gabatee (7) keessatti kan jedhamuu barbaadeefi jedhamee qubeeffame walbira qabuudhaan jechoota adda addaa akka fakkeenyaatti fudhachuun qaacceffamee jira.

Gabatee 7. Fakkeenya sagalee laafaa jabeessuuf fudhatame

| Kan jedhamuu barbaadame | Kan jedhamee qubeeffame |
|---|---|
| Ofolaa | Ofoollaa |
| Hojii | Hojjii |
| Baasaa | Bassaa |
| Qormaata | Qormaattaa |
| Damee | Dammee |
| Misooma | Missoma |
| Galeessa | Galleessa |
| Teessoo | Teesoo |
| Ragaalee | Raggalee |
| Kootis | Kottis |

Akkuma iddattoo gabatee (7) keessatti dhihaaterraa hubachuun danda'amutti, dogoggorri qubeessuu gama sagalee laafuu qabu jabeessuun qubeessuu kunis akkuma akaakuuwwan dogoggoraa gabatee (4, 5, fi 6) jalatti eeramaniitti, barreeffamoota xalayoota waajjiraalee lamaanii irratti irra deddeebiidhaan mul'atuudha. Akaakuun dogoggora qubeessuu gama kanaan uumamu kunis, ergaa barreeffamoota xalayootaan darbu faallessuurratti dhiibbaa guddaa kan uumuu danda'udha.

Fakkeenyaaf, jechootuma gabatee (7) keessatti dogoggoraan qubeeffaman keessaa jechi 'damee' jedhu, 'dammee' jedhamee kan qubeeffame, hiika darbuu qabu faallessuurratti shoorri isaa olaanaadha. Hiika jecha kanaas akka barreeffama xalayicha keessa jiraachuu maluutti yoo ilaallame, 'damee' kan jedhu ta'ee hiika birkii jedhu bakka bu'a. Kan qubeeffamee jiru 'dammee'n immoo, moggaasa maqaa saala dubaraa kan bakka bu'udha. Kanaaf, jechi armaan olitti dogoggoraan qubeeffameefi ibsame kun, hiika darbuu qaburratti rakkoon inni uumu daran hammaataadha.

Kana malees, jechoonni gabatee (7) keessatti dogoggoraan qubeeffamaniifi ibsi itti hinkennamne, (ofoollaa, bassaa, kottis) bifa kanaan yoo qubeeffaman hiika barreeffama xalayaa sanaan darbuu malu dabarsuu keessatti gahee tokkos akka hinqabne hubachuun ni

danda’ama; caalaatti ergaa darbu ni faallessus. Kun immoo, akkuma waliigalaatti, sagaleen laafaa ta’e akkuma laafaa ta’etti, inni jabaa ta’es akkuma jabina isaatti qubeeffamuu akka qabuufi, kun ta’uu baannaan garuu, dogoggorichi ergaa yookiin hiika darburratti daran gufuu ta’uu akka  danda’u hubachuun ulfaataa hinta’u.

Kana malees, akaakuun dogoggoraa barreeffamoota xalayootaa keessatti mul’atu kan biroo, jechoota tokko tokkorratti sagalee hinjirre dabaluu, sagalee jiraachuu malu irraa hir’isuun qubeessudha. Yaanni kunis gabatee (8) keessatti dhihaachuun ibsameera.

Gabatee 8. Fakkeenya sagalee adda addaa itti dabaluufi irraa hirrisuuf fudhatame

| **Kan jedhamuu barbaadame** | **Kan jedhamee qubeeffame** |
|---|---|
| Jedhamu | Kjedhamu |
| Guyyaa | Gayyaaa |
| Kan | Kkan |
| Hangi | Haang |
| Dimshaashaan | Dimshashn |
| Barnootaa | Baroota |
| Xiyootti | Xttii |
| Namoonni | Namoon |

Akkuma gabatee (8) keessatti dhihaaterraa hubatamutti, dogoggorri sagalee dhumarratti hinjirre itti dabaluun, jechichi xalayicha keessatti hiika akka hinqabaanne taasisa. Kun immoo, xalayichi kaayyoo qophaa’eef sana galmaan gahuu akka hindandeenye taasisa. Fakkeenyaaf, jechoota gabatee (8) keessatti kan jedhamanii qubeeffaman (xttii, gayyaaa, kkan ) kunniin hiikni isaan bakka bu’an ifaa miti. Kanaaf immoo kan gumaachan sagaleelee osoo hin barbaachisin itti dabalamaniifi jala sararamuun mul’ifamaniidha.

Gama biraatiin immoo, sagaleeleen osoo barbaachisanuu itti hin dabalamin hafan, jechoota gabatee (8) keessatti (Namoonni, Barnootaa) kan jedhamanii qubeeffaman kunniin hiikni isaan bakka bu’an ifaa miti. Dogoggora kanaaf qabata kan ta’e immoo, sagaleelee osoo galuu qaban (n, i, a) irraa hafaniidha. Akaakuun dogoggoraa kunniin barreeffamoota xalayootaa keessatti

hangi irra deddeebii isaanii baay'ee ol ka'aa ta'uu baatus, ergaa barreeffamoota xalayootaan darbu keessatti gufuu ta'uun isaanii kan gaaffii keessa galuu miti.

Dogoggoroonni irra-deddeebiin mul'achuun isaanii xiqqaa ta'e kan armaan olitti ibsaman qofa osoo hintaane rakkinni itti fayyadama irra butaatis ni mul'ata. Irra butaan, dubbifamtoonni gosa adda addaa lama walitti aananii barreeffamuun kan mul'ifamuudha. Kun immoo akka seera barreeffama Afaan Oromootti jidduu jechaa qofaatti eeyyamama. Seerri barreeffamaa afaanichaa irra butaa kan eeyyamu haata'uu malee, bakka irra butaan jirutti sagaleen hin jabaatu. Akkasumas, dubbifamaan gosa adda addaa lamaa ol ta'uun walitti aanee hin qubeeffamu. Yaada bu'uraa kanaan alatti yoo kan qubeeffamu ta'e, dogoggorri ni uumama. Dogoggora gama kanaan uumamuuf fakkeenya kan ta'u, jechoota adda addaa barreeffamoota xalayoota keessaa fudhataman gabatee (9) keessatti dhihaachuun qaacceffamee jira.

Gabatee 9.  Fakkeenya irra butaadhaaf fudhatame

| **Kan jedhamuu barbaadame** | **Kan jedhamee qubeeffame** |
|---|---|
| Leenjii | leenjjii |
| Torbee | Torbbee |
| Hanga | Hanggaa |
| Beeksifna | Beeksifnna |
| Durgoo | Durggoo |
| Arsii | Arssii |
| Hubachiifna | Hubachiifnna |

Akkuma fakkeenya gabatee (9) keessatti dhihaaterraa hubachuun danda'amutti, dogoggorri hanqina itti fayyadama sagalee irra butaa kun, barreeffamoota xalayoota akka iddattootti fudhataman keessatti irra deddeebiidhaan mul'atee kan jirudha. Dogoggorri gama kanaan uumamu kunis, ergaan darbuu malu akka hindabarre gochuun alatti sagaleessuufis rakkisaadha. Fakkeenyaaf, jechoota gabatee (9) keessatti kan jedhamee qubeeffame yoo ilaalle, hiikni isaan dabarsaniifi bakka bu'an tokkos hinjiru.

Kun immoo akkuma dogoggora hanqina itti fayyadama hudhaa barreeffama jecha xalayoota barreeffaman keessatti wanti isaan bakka bu’anii ibsan kan hin jirre ta’a. Akkasumas, akka seera barreeffama Afaan Oromoottis yoo ilaallame hiikkaa tokkos kan hin kennine ta’a. Hangi irra deddeebii isaa kan hudhaa waliin yoo ilaallamu daran xiqqaa akka ta’e ni hubatama. Haa ta’u malee, rakkoon inni ergaa barreeffamoota xalayootaan darban irratti qabu laayyoo akka hin taane hubachuun salphaadha.

### 4.2. Madda Dogoggora Qubeessuu

Wantoonni dogoggora qubeessuutiif qabata ta’an hedduun isaanii (2.2.2) jalatti dhihaatanii jiru. Kanneen keessaayis, dogoggoraan sagaleessuun gara dogoggora qubeessuutti akka nama geessu hayyuuleen afaanii waliigalu (Temple, 1995; Jamesfi kanneen biroo 1993). Sababn isaa, qubeessi jecha sagaleessuu bakka bu’ee waan jiruufi (Lagettfi kanneen biroo 1988; Barbefi kanneen biroo 1982; Hall, 1961). Sirriitti qubeessee barreessuu hindandeenye taanaan barreessichi qabiyyee dhimma barreessurratti beekumsa gahaa akka hinqabnetti fudhatama. “One of the keys to successful writing is correct spelling. Being able to spell correctly is a mark of an educated person,” Geetaachoo, Kadiiriifi Tasfaayee (2001:7). Kunis milkaa’ina barreessuutiif sirriitti qubeessuun ijoodha. Sirriitti qubeessuunis mallattoo nama baratee akka ta’e ibsu.

Dabalataan, odeeffannoon afgaaffiifi marii gareerraa argame, dogoggora qubeessuu barreeffamoota xalayoota waajjiraalee kanaaf qabata kan ta’aniifi eeraman: hubannoo yookiin beekumsa Afaan Oromootiin qubeessuu dhabuu, Afaan Oromootiin sirritti qubeessuuf xiyyeeffannoo kennuu dhabuu, haala mijeessonniifi hogganoonni waajjiraa gara hojiitti yoo dhufan, Afaan Oromoo danda'uu isaanii malee gama qubeessuutiin akka ulaagaatti gaafatamuu dhabuu, kan danda'anis xalayaa barraa'e osoo bahii hinta'in irra deebi'anii gulaaluu dhabuufi walitti qabatuu, qaamni xalayaa barreessuufi mallatteessee bahii taasisu gargara ta'uufi kan mallatteessu akka gulaalan qajeelchuu dhabuu, tokko tokko immoo faayidaa afaanichaa beekuu dhabuun ni eeramu.

Itti dabalees, qaamni abbummaadhaan to’atuufi seerri yookiin danbiin dogoggorichi ittiin sirreeffamu jiraachuu dhabuu, namoonni barreessan bu’aa ofii qofa kan ilaalan ta’uu, dogoggora uumameef tarkaanfiin fudhatamu jiraachuu dhabuu, namoonni barreessan tokko

tokko afaanichaaf kabaja kennuu dhabuu, qubeessuurratti qaamni beekamtii fudhate jiraachuu dhabuu, haala mijeessonni barreeffama barreeffama akka barreessan itti kennamu akkuma jirutti barreessuu dhabuu (itti dabaluu ykn irraa hir'isuu), hogganoonni xalayaa barreessan tokko tokko ufii isaaniitiifuu qubeessuu danda'uu dhabuu, abbootiin dhimmaa xalayaa barreeffamuufis ta'ee waajjiraaleen barreeffamuuf dogongora qubeessuu irratti argan sirreessisiisuu yookiin yaada itti kennuu dhabuufi kanneen kana fakkaatan madda dogoggora qubeessuu ta'uun isaanii hubatameera. Gama biraatiin marii garee gaggeeffame keessatti, bu'uurumaa qabee namoonni sadarkaa barnootaa keessa yoo dabran, barsiisonni afaanii sirritti barsiisuu dhabuulleen sababa tokko yaanni jedhus ka'ee jiraatuun hubatamee jira.

Walumaagalatti, malleen odeeffannoon ittiin funaannaman hundarraa odeeffannoon argame akka mul'isutti, qabxiileen ijoo kanaa olitti ibsaman barreeffama xalayoota waajjiraalee Afaan Oromootiin barreeffaman keessatti madda dogoggora qubeessuu akka ta'an hubachuun danda'amee jira.

### 4.2.1. Galmee Ragaa Waajjiraalee Lamaanii Iddattoof Fudhataman Keessaa Fakkeenya Dogoggora Qubeessuu Mudhatan Ibsa Waliin Kaa'aman.

Akaakuuwwan dogoggora qubeessuu xalayoota waajjira lamaanii irratti mudhatan gabateewwan olii keessatti walbira qabuun kan ibsine yoo ta'u, kanaa gaditti immoo galmee ragaa xalayoota akka iddattootti fudhataman, kanneen waajjira lamaanii gama dogoggora qubeessuutiin fooyyee, giddugaleessaafi fafee ta'antu keessaa fudhatamee kaa'amee jira. Dabalataanis, jechoota dogoggora qaban fakkeenya keessaa fudhatamanii hiika isaanii waliin ibsi itti kennamee jira.

#### 4.2.1.1. Dogoggoroota Xalayoota Waajjira Bulchiinsaa Irratti Mudhatan

Kanaa gaditti waajjira Bulchiinsa Aanaa Xiyootii sakatta'a galmee ragaa gaggeeffameef xalayoota fudhataman 30 keessaa, dogoggorri qubeessuu irratti uumamanfi jechoota keessaa fudhatamanii ilaalamanii jiru.

Xalyaan, lakk. M/95/G-19, Guyyaa 20/01/2008 A.L.H barreeffamee waajjira Bulchiinsa Aanaa Xiyootiin bahii ta'etu, fudhatamee fakkeenya dogoggrri qubeessuu baa'innaan, irratti mudhateef ilaallame. Xalayaan kun kan barreeffame, xalayoota bara 2006-

2008 barraa'an, iddattoof fudhataman keessaa as dhiyeenyatti, bara 2008 A.L.H kan barreeffame yoo ta'u, jechoota 191 ta'aniin barreeffamee, jechoota gara 53 (% 27.7) ta'an irratti gosootni dogoggra qubeessuu hedduun irratti mudhatee jira. Fakeenyi jechoota kanaa keessaa fudhataman, kanaa gaditti laalamanii jiru.

Gabatee 10 Jechoota xalayaa asii olitti ibsame keessaa fudhataman

| **Akaakuuwwan Dogoggoraa** | **Jedhamuu kan barbaadame** | **Kan jedhamee barreeffame** |
|---|---|---|
| Sagalee dheeraa gabaabsuu | Aadam | Adaam |
| Sagalee gabaabaa dheeressuu | Aadam | Adaam |
| Sagalee jabaa laaffisuu | Qabeenyummaa | Qabeenyumaa |
| Sagalee laafaa jabeessuu | Ofolaa | Ofoollaa |
| Dogoggora itti fayyadama hudhaa | | |
| Hanqina itti fayyadama irra butaa | Hubachiifna | Hubachiifnna |
| Sagalee dubbii hin jirre itti dabaluu | Dheedne | Dhendnee |
| Sagalee galuu qabu irraa hambisuu | Keessatti | Keessaa |

Akkuma asii olitti gabatee keessatti ibsametti, fakeenya xalayaa fudhatame keessaa, jechoonni muraasni fudhatamanii laalamanii jiru. Xalayaan kana qofa irratti, akaakuun dogoggora qubeessuu 6 irratti mudhatuun bira gahamee jira. Dogoggoroonni xalayicha irratti mudhatan kunniin, yaada ibsamuuf barbaadaman dabarsuu dhabuufi yaadicha faallessuu bira dabaranii, hiikkaa faallaafi gonkumaa walitti hin dhiyaanne kan kennan akka jiran ifatti hubatameera. Fakkeenya sagalee laafaa jabeessuu keessatti, jechi "Ofolaa" jedhamuu barbaadame, sagalee laafaa jabeessuufi sagalee gabaabaa laaffisuun gara jecha "Offoollaa" jedhuutti akka geeddaramu ta'ee jira. Kan barreeffamuu barbaadame maqaa nama "Aadam Ofolaa" jedhauuti. Garuu kan barreeffame, "Adaam Ofoollaa" jedhameet. keessaa fudhatamee yoo ilaalamu, maqaa nama bareessuun barbaadameeti. Gara gubbaatti "Ofolaa" kan jedhu sirrii barreeffame. Haa ta'uu malee gara gidduutti jechi gara "Ofoollaa" tti geeddaramee jira. Kun maqaa nama xalayaan barreeffameef sanii jijjiiruun gara arrabaatti akka hiikamu ta'ee jira. "Ofoollaa" jechuun, nama akkaa gara hin qabne kan ofoollu hiikkaa jedhuuu akka qabaatu taasifamee jira.

Kun immoo abbichi kallattiin xalayichi maqaan tuqamee barreeffameef qabatee ni arrabamee naa argaan mana murtiitti osoo himatee kan nama gaafachiisuufi yakkisiisu ta'uun isaa hubatamee jira. Kunis akka ogeessa seeraa tokko qorataan gaafatee mirkaneeffatetti, maqaa namaa balleessuun yookiin xureessuun, seera yakkaa bara 1996 A.L.Htti bahe keewwata 615niitiin kan nama adabsiisu ta'uufi hariiroo hawaasaa bara 1952 keewwata 2044 iirratti baheetiin, adabbii baatii 3 yookiin qarshiin 300 kan nama adabsiisu ta'ee; namni maqaa namaa dabsee yookiin hiika biraa akka qabaatutti barreesse sun, baasii ufiitiin maqaa nama sanii akka sirreessee barreessu nama taasisa. Kanaaf namichi nama maqaan Ofolaa osoo jedhu ofoollaa jedhee barreesse, osoo himatamee mana murtii dhaabatuun isaa wanta hin hafne.

Gama biraatiin xalayama fudhatame kana irratti, keeyyata dhumaa, yaada xumuraa irratti, "Keessatti" jedhamuu barbaadamee, sagalee galuu malu irraa hambisuun "Keessaa" jedhamee jechi barreeffame ergaa dabruu barbaadame guutumaan guututti kan jijjiire ta'uun hubatamee jira. Yaanni jedhamuu barbaadame; "Gabaasa raawwii guyyaa 5 keessatti akka nuuf deebiftan!" yaada jedhu, garuu " Guyyaa 5 keessaa raawwachuun" jedhamee barreeffame. Kana jechuun immoo, guyyoota 5 jiran keessaa akka jechuutti hiika kennee jira.

Kun immoo, akkuma waliigalaatti, sagaleen laafaa ta’e akkuma laafaa ta’etti, inni jabaa ta’es akkuma jabina isaatti qubeeffamuu akka qabuufi, kun ta’uu baannaan garuu, dogoggorichi ergaa yookiin hiika darburratti daran gufuu ta’uu akka danda’u hubachuun ulfaataa hinta’u.

Kanaa gaditti, xalayaa waajjira Bulchiinsa Aanaa Xiyootiin, Lakk. M/2174/G-19, guyyaa 2/10/2006 A.L.Htti barreeffamee bahii ta'etu akka fakkeenya lammataatti, ilaallame jira. Xalayaa kunis, xalayaa waggaa lamaan dura barreeffamee jiru yoo ta'u, akkuma xalayaa dura ilaalamee bara 2006 A.L.Htti xalayoota barraa'an keessaa dogoggora qubeessuu hammaataa kan qabu ta'uu isaatiifi kan bara lamaanii walbira qabamanii wanta ilaalamaniif fudhatamee jira.

Xalayaan Lakk. 2174/G-19 guyyaa 2/10/2006 A.L.H barreeffame, jechoota 119 ta'aniin barreeffamee, jechoota gara 54 (% 45.3) ta'an irratti gosootni dogoggra qubeessuu hedduun mudhatee jira. Fakeenyi jechoota kanaa keessaa fudhataman, kanaa gaditti laalamanii jiru.

Gabatee 11 Jechoota xalayaa asii olitti ibsame keessaa fudhataman

| **Akaakuuwwan Dogoggoraa** | **Jedhamuu kan barbaadame** | **Kan jedhamee barreeffame** |
|---|---|---|
| Sagalee dheeraa gabaabsuu | Qaamaan | Qamaan |
| Sagalee gabaabaa dheeressuu | Tuqame | Tuqaamee |
| Sagalee jabaa laaffisuu | Dubbii | Dubii |
| Sagalee laafaa jabeessuu | Kennitaniif | Keennitannif |
| Dogoggora itti fayyadama hudhaa | Nu | Nu'ii |
| Hanqina itti fayyadama irra butaa | Hubachiifna | Hubachiifnna |
| Sagalee dubbii hin jirre itti dabaluu | Dheedne | Dhendnee |
| Sagalee galuu qabu irraa hambisuu | Namoonni | Namoon |

Akkuma asii olitti gabatee keessatti ibsametti, fakeenya xalayaa fudhatame keessaa, jechoonni muraasni fudhatamanii laalamanii jiru. Xalayaan kana qofa irratti, akaakuun dogoggora qubeessuu hinmudhatin akka hinjirre bira gahamee jira. Dogoggoroonni xalayicha irratti mudhatan kunniin, yaada ibsamuuf barbaadaman dabarsuu dhabuufi yaadicha faallessuu bira dabaranii, hiikkaa faallaafi gonkumaa walitti hin dhiyaanne kan kennan akka jiran ifatti hubatameera. Jecha "Dheedne" jedhu, sagalee hinjirre itti dabaluun dubbifamaa sad walitti aansanii barreessuufi sagalee dheeraa gabaabsuun jecha "Dhendnee" jedhu barreessanii, hiika akka hinqabaanneefi ergaa barbaadame akka hindabarsine taasifamuun isaa hubatamee jira. Haaluma walfakkaatuun, garee namoota xalayaan barreeffameefii ibsuuf jecha, "Namoonni" jedhamuu barbaadame, "Namoon" jedhamee hiika maqaa nama "Namoo" jedhuu akka kennu ta'ee, guutumaan guututti ergaa yaadichaa akka faallessu taasisuun isaa beekamee jira. Walumaagalatti xalayaan fudhataman kunniin, fakeenya jechootaa keessaa haa fudhatamanii ibsi haa itti kennamuu malee, dogoggoroonni qubeessuu akaakuu gara garaa baldhinnaan akka irratti mudhatan beekamee jira.

Haaluma walfakkaatuun xalayaa Lakk. 59/5-8 guyyaa 19/01/2007 barreeffame keessatti jechoota dogoggora qubeessuu qaban fudhatamanii ilaalamanii jiru.

Gabatee 12 Jechoota xalayaa asii olitti ibsame keessaa fudhataman

| **Akaakuuwwan Dogoggoraa** | **Jedhamuu kan barbaadame** | **Kan jedhamee barreeffame** |
|---|---|---|
| Sagalee dheeraa gabaabsuu | Akkaataa | Akkata |
| Sagalee gabaabaa dheeressuu | Keessa | Keessaa |
| Sagalee jabaa laaffisuu | Saddeettamii | Sadeetamii |
| Sagalee laafaa jabeessuu | Addaatitti | Addaattitti |
| Dogoggora itti fayyadama hudhaa | - | - |
| Hanqina itti fayyadama irra butaa | - | - |
| Sagalee dubbii hin jirre itti dabaluu | - | - |
| Sagalee galuu qabu irraa hambisuu | Durgoo | Duroo |

Akkuma armaan olitti mudhatutti, xalayaa waajjira Bulchiinsa Aanaa Xiyootiin bara, 2007 A.L.Htti, Lakk. M/59/5-8 barraa'ee bahii ta'e kun, dogoggora qubeessuu giddugaleessatu irratti mudhate jedhamee fakeenyaaf kan fudhatame yoo ta'u, hunda irratti ta'uu baatullee, akaakuuwwan dogoggora qubeessuu eeraman adda addaa irratti dagoggorri irratti mudhatuufi dogoggoroonni kun hiika dhabeessaafi ergaa guutuu akka hindabarsine taasisuun isaa huabatamee jira. Fakeenyaaf jechi "Durgoo" jedhu "Duroo" jedhamee sagaleen galuu malu irraa hafuu isaatiin qofa, guutumaan guututti ergaan dabruu malu akka hindabrine taasisuun isaafi jecha hiika dhabeessa akka ta'u taasisee jira. Kanaaf, qubeen tokkos xiyyeeffannoon barreeffamuu dhabe taanaan dhiibbaan inni geessu hammaataa ta'uun isaa mirkanaa'ee jira. Xalyaan waajjira Bulchiinsa Aanaa Xiyootiin, lakk. M/2374/5-8 guyyaa 4/11/2006 A.L.Htti barreeffamee bahii ta'eeru xalayoota sakatta'aman keessaa, gama dogoggora qubeessuutiin baa'ee fooyyee akka ta'e beekamee jira. Xalayaan kun jechoota 165 ta'aniin kan barreeffame yoo ta'u, jechoota 2 ta'an qofa irratti dogoggorri qubeessuu akka muldhatu beekamee jira. Jecha "Dhimmi, mallaqa" jedhamuu barbaadame sagalee gabaabaa dheeressuun, "Dhimmii, maallaqa" jedhame qofatu dogoggora qubeessuu qaba. Kun garuu dogoggora baa'ee hammataa kan jedhamu ta'uu baatus jecha jedhamuu barbaadame sana irratti qubee hanqisuufi dabaluun hiika barbaanneefi yaada himichaa waliin akka hindeemne taasisa. Jecha "Mallaqa" jedhullee

yoo fudhanne, loqoda ta'uu ni danda'a. Haa ta'uu malee, namni xalayaa kana barreesse, xalayaa kana irratti, iddoo tokkotti mallaqa, iddoo tokkotti immoo maallaqa jedhee barreessee jira.

#### 4.2.1.2. Dogoggoroota Xalayoota Waajjira Barnootaa Irratti Mudhatan

Kanaa gaditti waajjira Barnoota Aanaa Xiyootii, sakatta'a galmee ragaatiif xalayoota iddattoof fudhataman 30 keessaa, dogoggorri qubeessuu irratti mudhatan keessaa fakkeenya xalayootaattu fudhatamuun hiikni itti kenname.

Xalayaan Lakk. 12/376/34/40 guyyaa 3/7/2006 jechoota 165 ta'aniin barreeffamee, jechoota 40 ta'an irratti gosootni dogoggra qubeessuu hedduun mudhatee jira. Fakeenyi jechoota kanaa keessaa fudhataman, kanaa gaditti kaa'amanii jiru.

Gabatee 13 Jechoota xalayaa asii olitti ibsame keessaa fudhataman

| **Akaakuuwwan Dogoggoraa** | **Jedhamuu kan barbaadame** | **Kan jedhamee barreeffame** |
|---|---|---|
| Sagalee dheeraa gabaabsuu | Garagalchaan | Garagalchan |
| Sagalee gabaabaa dheeressuu | Jiru | Jiruu |
| Sagalee jabaa laaffisuu | Guuttanii | Guutanii |
| Sagalee laafaa jabeessuu | Sassaabamee | Sassabbamee |
| Dogoggora itti fayyadama hudhaa | Taa'onni | Taaonni |
| Hanqina itti fayyadama irra butaa | - | - |
| Sagalee dubbii hin jirre itti dabaluu | Dura | Duta |
| Sagalee galuu qabu irraa hambisuu | Beeksisaa | Beeksaa |

Akkuma gabaatee asii olii irraa hubatamutti, xalayicha irratti akaakuuwwan dogoggora qubeessuu heddu irratti mudhatuun isaa mirkanaa'ee jira. Jecha " Jiru, guuttanii, dura, beeksisaa" jedhamuuf yaadamee, "Jiruu, guutanii, duta, beeksaa" jedhamee qubeen ( u, t, s, a ) fi hudhaan irraa hafuun yookiin itti dabalamuun ergaan barbaadame akka hindabrineefi jecha hiika biraa kennufi hiika dhabeessa akka ta'u taasisee kan jiru ta'uun isaa mirkanaa'ee jira.

Xalayaan waajjira Barnootaatii Lakk. 14/697/17/40 guyyaa 04/03/07 jechoota 110 ta'aniin barreeffamee, jechoota gara 20 ta'an irratti gosootni dogoggra qubeessuu hedduun irratti mudhatee jira. Fakeenyi jechoota kanaa keessaa fudhataman, kanaa gaditti kaa'amanii jiru.

Gabatee 14 Jechoota xalayaa asii olitti ibsame keessaa fudhataman

| **Akaakuuwwan Dogoggoraa** | **Jedhamuu kan barbaadame** | **Kan jedhamee barreeffame** |
|---|---|---|
| Sagalee dheeraa gabaabsuu | Keessaa | Keessa |
| Sagalee gabaabaa dheeressuu | Sadi | Sadii |
| Sagalee jabaa laaffisuu | Guyyaa | Guyaa |
| Sagalee laafaa jabeessuu | Waldorgommiin | Waldogomiin |
| Dogoggora itti fayyadama hudhaa | | |
| Hanqina itti fayyadama irra butaa | - | - |
| Sagalee dubbii hin jirre itti dabaluu | Manneen, hanga | Mamnneen, ihanga |
| Sagalee galuu qabu irraa hambisuu | Waldorgommiin | Waldogomiin |

Akkuma gabaatee asii olii irraa hubatamutti, xalayicha irratti akaakuuwwan dogoggora qubeessuu heddu irratti mudhatuun isaa mirkanaa'ee jira. Jecha "Guyyaa, sadi, waldorgommiin ... " jedhamuuf yaadamee, "Guyaa, waldogomiin, sadii ... " jedhamee qubeen ( i, r, y ) irraa hafuun yookiin itti dabalamuun ergaan barbaadame akka hindabrineefi jecha hiika dhabeessa akka ta'u taasisee kan jiru ta'uun isaa mirkanaa'ee jira.

Xalayaan Lakk. 10/508/8-39 guyyaa 06/07/2008 jechoota 124 ta'aniin barreeffamee, jechoota 4 irratti gosootni dogoggra qubeessuu muraasni irratti mudhatee jira. Fakeenyi jechoota kanaa keessaa fudhataman, kanaa gaditti kaa'amanii jiru.

Gabatee 15 Jechoota xalayaa asii olitti ibsame keessaa fudhataman

| **Akaakuuwwan Dogoggoraa** | **Jedhamuu kan barbaadame** | **Kan jedhamee barreeffame** |
|---|---|---|
| Sagalee dheeraa gabaabsuu | Madaallii | Madallii |
| Sagalee gabaabaa dheeressuu | Qorumsa | Qoruumsa |
| Sagalee jabaa laaffisuu | | |
| Sagalee laafaa jabeessuu | | |
| Dogoggora itti fayyadama hudhaa | | |
| Hanqina itti fayyadama irra butaa | | |
| Sagalee dubbii hin jirre itti dabaluu | Nu | Ni |
| Sagalee galuu qabu irraa hambisuu | Barnootaa , dhimmi | Baroota, dhimm |

Akkuma gabaatee asii olii irraa hubatamutti, xalayicha irratti akaakuuwwan dogoggora qubeessuu baa'ee muraasni irratti mudhatuun isaa mirkanaa'ee jira. Haa ta'uu malee, dogoggorri qubee takkas jiraatuun dhiibbaa hangana hinjenne akka uumuu danda'u boqonnaa lammaffaafi afraffaa keessatti, yaada hayyootaatiin deeggaramee ibsa kenname xalayaa kanaan mirkanaa'ee jira. "Barnoota, dhimmi" jedhamuuf yaadamee, "Baroota, dhimm, " jedhamee qubeen ( i fi n ) keessaa hafuun ergaan barbaadame akka hindabrineefi jecha hiika dhabeessa akka ta'u taasisee kan jiru ta'uun isaa ifatti mudhatee jira.

Walumaa galatti, xalayoonni waajjiraalee lamaanii, sadarkaa dogoggora qubeessuu irratti mudhateetiin fudhatamanii ilaalaman hunduu, dogoggorri qubeessuu barreeffama keessatti baa'ees ta'ee qubeen takkas, dogoggoraan keessaa hafuun yookiin itti dabalamuun, ergaa dabruu barbaadame akka hindabarsine gufuu guddaa kan ta'uufi hiika dhabeessa akka taasisu mirkaneessee jira.

# BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAAFI YABOO

## 5.1 Guduunfaa

Akkuma boqonnaa tokko keessatti ibsameetti, kaayyoo gooroon qorannoo kanaa, dogoggora qubeessuu xalayoota waajjiraalee mootummaa kanneen madda ta’an sakatta’uun hubachuufi yaada furmaataa dhiheessuudha. Ragaan sakatta'a barruu, afgaaffiifi marii gareen walitti qabame, erga qaacceffamee booda goolaba armaan gadiirra gahuun danda’ameera.

- ❖ Xalayoota waajjiraa Barnootaafi Bulchiinsa Aanaa Xiyoo ilaalaman irratti, sagalee gabaabaa dheeressuu, dheeraa gabaabsuu, laafaa jabeessuufi jabaa laaffisuun akaakuuwwan dogoggora qubeessuu irra deddeebiidhaan kan uumamaan ta’uu argannichi mul’iseera.
- ❖ Kana malees, hanqinni itti fayyadama hudhaa, irra butaa, sagalee dubbii adda addaa itti dabaluufi irraa hir’isuun, mallattoolee sagalee dubbii Afaan Oromoo bakka bu’anitti seeraan fayyadamuu dhabuun akaakuuwwan dogoggora qubeessuu irra deddeebii baay’eedhaan mul’atan ta’uu baatanis, barreeffamoota xalayoota kanaa keessatti kan mul’atan akka ta’e bira ga’ameera.
- ❖ Dabalataan, ragaan marii gareerraa argame, dogoggora qubeessuu barreeffamoota xalayoota kanaaf qabata kan ta’an agarsiisee jira. Isaanis: beekumsa Afaan Oromootiin gahumsa qubeessuu dhabuu, qaama hundaanuu xiyyeeffannoon itti kennamu laafaa ta’uu, walitti qabatuu, xalayoota bahii osoo hin ta'in gulaaluu dhabuu, gara hojiitti yoo dhufan dandeettii qubeessuu akka ulaagaatti gaafatamuu dhabuufi qaamni xalayaan barreeffamuufis yaada itti kennuu irra teejjabbiin callisuu faadha.
- ❖ Itti dabalees, qaamni abbummaadhaan to’atu dhabamuu, namoonni barreessan bu’aa ofii qofa kan ilaalan ta’uu, dogoggora uumameef tarkaanfiin fudhatamu jiraachuu dhabuu, faayidaa afaanichaa beekuu dhabuun rakkinoota adda bahaniidha.
- ❖ Hiika jechootaafi yaada barreeffamichaa jijjiiruun, guddina afaan sanaa keessaahuu ogummaa barreessuu quucarsuun, barreeffamaan ergaa dabarsuu keessatti gufuu ta’uun.

- Gama biraatiinis qu'annichi, dogoggoroota qubeessuu barreeffamoota xalayoota qophaa’an keessatti uumaman hir’isuuf wanta raawwatamuu qabu mul’isee jira. Namoota Afaan Oromoo barreessuu danda’anitti akka fayyadamuu qaban, qajeelfamni seera barreeffamoota xalayoota waajjiraa barreeffamanii ilaallatu jiraachuu akka qabu mul’isuu danda’eera. Itti gaafatamummaan dogoggora qubeessuu uumamuutiif diriirfamuun, sirreeffamni sirrii ta’e akka kennamuu qabaatu, argannichi mul’dhisee jira.

## 5.2 Yaboo

Guduunfaa (5.1) jalatti taasifame bu'uureffachuufi gaaffiiwwan qorannichaa deebisuun, galma gahiinsa kaayyoo qorannichaatiif yaboon armaan gadii eerameera.

- Barreeffamoota Afaan Oromootiin barreeffaman keessatti, caasluga afaanichaa, seera barreeffama Afaan Oromoo, itti fayyadama sirna tuqaaleefi qubeessuu sirriitti hubachuun ergaa barbaadame barreeffamaan haalaan dabarsuuf dhimma ijoodha. Kanaafuu, hunda dura namni Afaan Oromootiin barreessu qabiyyeewwan kanneen irratti beekumsa gahaa gonfachuunn akaakuuwwan dogoggoroota qubeessuu uumamuu malan ni hirrisa.

- Xalayoonni waajjiraalee barreeffamu xiyyeeffannoo akka barreeffamu gochuun, qaamni mallatteessee bahii taasisu gulaaluun, qaamonni xalayoota kana qopheessan namoota Afaan Oromoo barreessuu danda'an ta'uu akka qabaniifi yookaan namoota danda'anitti akka fayyadaman haala mijeeffatuun, maddoota dogoggora qubeessuu kana ni hambisa.

- Waajjirri Aadaafi Turiizimii, qunnamtiifi miidiyaa, kolleejjiifi yunvarsiitiiwwan, qaamoleen qorannoo afaan irratti gaggeessaniifi dhimmamtoonni kanaa hundi, waajjiraalee hojii Afaan Oromootiin gaggeessan keessatti hojjattootaafi hoggansa argamaniif, hubannoofi leenjii adda addaa dandeettii qubeessuu cimsu waliin ta'uun osoo kennuun danda'amee, guddinna afaanichaatiifis caalaatti bayeessa ta'a.

- Gama birootiinis, dogoggora qubeessuu xalayoota keessatti uumaman kanneen, rakkoon isaan gama ergaa darbuu malu faallessuu, kaayyoo barreeffamaniif sana galmaan gahuurratti hanqina kan qaban ta'uun isaafi gaheen guddina afaan barreeffamaa keessatti quucarsuu keessatti qaban hubachuun, rakkinicha hir'isuuf yaaliin taasifame yoo jiraates, hojiin gama kanaan jiru daran laafaa waan ta'eef, kun hubatamee akka cimu osoo taasifamee bayeessa.

- Kana malees, akka naannoo Oromiyaatti Afaan Oromoo afaan hojiiti. Afaan, afaan hojii ta'e immoo, guddachuu qaba. Guddina isaa kanaaf immoo namoonni

afaanichaan dhimma bahaa jiran caasluga afaanichaa eeguun itti fayyadamuun dirqama ta’a. Yoo kun ta’uu baate garuu, afaanichi guddachuu mitii caalattuu qancaraa deemuu danda’a. Kanaafuu, qaamni bulchiinsaa kamiyyuu guddina afaanichaatiif quuqamee, rakkoolee gama adda addaatiin afaanicha mudataniif hordoffiifi to’annaa gochuu qabaan yaboo qorattichaa ijoodha.

- Waajjiraaleen Afaan Oromootiin hojjatan kamuu, hoggansaafi raawwattoota gara waajirichaatti yoo fidan, dandeettii qubeessuu Afaan Oromoo qabaatuu isaanii ulaagaa keessa galchuun, gara waajjiraa akka dhufan gochuun irraa eegama.
- Dhaabbiileen barnootaa jalaa hanga gubbaatti jiran, qaamni sadarkaa waajjiraaleetti hojjatu kamuu, adeemsa baruu barsiisuu keessa wanta dabruuf, keessattuu barsiisonni Afaan Oromoo afaanicha yeroo barsiifnu, dandeettiiwwan qubeessuutiif xiyyeeffannoo kennuun guddinna Afaan Oromootiif shoora ol'aanaa taphatuu qabu.

**WABIILEE**


Adugna Barkessa. 2009. *Terminology-related Problems in Teaching Afaan Oromoo.* Finfinne: Mega Printing Press.

___________________ . 2010. *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinne: Mega Printing Press.

Alamuu Waggaarii. 2007. "Qaaccessa Dogoggora Qubeessuu Barattoota Kutaa Kudhanii Mana Barumsa Sadarkaa Lammaffaa Alam Tafarii". Addis Ababa. AAU. MA. Thesis. (Unpublished).

Ballaxaa Billisaa. 2011. Madda Rakkoo Qubeessuu Afaan Oromoo. Addis Ababa. AAU. MEd Thesis. (unpublished)

Barbe, W. Francis, S. and Braun, A. (Eds). 1982. *Spelling Basic Skills for Effective Communication*. Columbs, Ohio: Zaner-Bloser, Inc.

Behm, Juliane , 2006, http://www.grin.com/en/e-book/54914/the-aida-model-wrong-spelling-in-advertisements-as-an-attention-seeking

Birhaanuu Woldegiorgis. 1996. "Spelling Error Analysis with Reference to Yekatit 12 Senior High School, Grade Ten Students". Addis Ababa. AAU. MA. Thesis. (Unpublished).

Byrne, D. 1988. *Teaching Writing skills- News.* Longman Group Limited.

"Caasluga Afaan Oromoo" kan hin maxxanfamne

Fitzgerald, S. James, A. 1951. *The Teaching of Spelling*. Milwaukee: The Bruce Publishing Campany.

Getachew Baye, Kedir Asefa and Tesfaye Hayile. 2001. *Writing Skills: Spelling/Mechanics and Pronunciation*. Addis Ababa. Tiqur Abbay.

Gragg, G. B. 1976. *The Oromo of Wollegga*. In Bender, The Non-Semetic Languages of Ethiopia. East Lansing: African Study Center, Michigan State University, P. 166-194

Hacher, D. 1992. *A Writers Reference, Second Edition*. New York: St. Martins Press.

Hall, R. 1961. *Sound and Spelling in English*. New York. A Division of Chilton Campany Publishers.

Hodgefi Kress ( 1993 )

Hornby, A. 1995. *Oxford Advanced Dictionary 5$^{th}$ ed*. Oxford University Press.

James, C. Scholfied, P., Garett, P. and Griffiths, Y. 1993. "Welish Bilingual Spelling*:* An Error Analysis". Frunkfurt: Multilingual Matters Ltd. *Journal of Multilingual and Multicultural Development,* Vol. 14, No. 4, P. 287-306.

Lado, R. (1964). Language teaching, a scientific approach. New York: Mcgraw-Hill, Inc.

Lagett, J. Williams and Umpress, D. 1988. *Essential of Grammar and Composition*. New Delhi: Prentice Hall of India.

Landau, S. I. 1984. *Dictionaries*. *The Art and Craft of Lexicopraphy*. New York. Cambridge University Presss.

Mahdi Hamid Mudde. 1995. *Hamid Muudee's Oromo Dictionary*. Vol.1: English. Oromo. Atlanta: sagalee Oromoo Publishing Co.

Minda, P. 1977. *Errors and Expectations.* New York. Oxford University Press.

Moats, L. 1993. *Spelling Error Interpretation: Beyond the Phonetic/Dyphonetic Dichotomy.* Lebanon, New Himspher, Vol. 43, P. 174-182.

Mohammed Hassen. 1994. *The Oromo of Ethiopia: A History of 1570-1860.* Trenton: The Red Sea Press.

Pollock, J. and Waller, E. 1994. *Day-to-Day Dylexia in Classroom*. London: Butledge.

Robert, A. Hall (Jr). 1965. *Sound and Spelling in English*. Philadelphia: Chitlon Company.

Sandie Barrie-Blackley http://support.lexercise.com/entries/387895-how-to-do-a-spelling-analysis

Suzan, C. 1994. *Spelling*. World Book Encyclopedia. Vol. 18, P.775. Fitzer Company.

Tamasgeen Nagaasaa. 1992. "Word Formation". Addis Ababa. AAU. MA. Thesis in Linguistics. (Unpublished).

Temple, M. 1995. *Basic Spelling*. London. Harper Collins Publisher Ltd.

Tilahun Gemta. 1994. "Qubee Afaan Oromoo: Reason for Choosing the Latin Script for Developing an Oromo Alphabet". *Journal of An Oromo Studies*. V.1 No. P. 36-40

Walvord, B. 1980. *Helping Students Write Well. A Guide for Teachers in all Disciplines.* New York: Modern Language Association of America.

Weiner, H. 1990. *Any Child Can Write*. New York. Oxford University Press.

Yeshitila Hailemariam. 1999. "Spelling Error Analysis Among Oromo Learners of English at Asella Teachers Training Institute" .Addis Ababa. AAU. MA. Thesis. (Unpublished).

Zarry, L. 1991. *Literecy Through Whole Language*. Winnipeg Canada, Peguis Publishers.

Bulchiinsa Godina Arsi Waajjira
Bulchiinsa Aanaa Xiyoo

Lakk M/1257/G-19

Guyyaa 05/09/2008

**Koree hawwasummaa Gandaa Qonaan Bulaa haroo bilaalootiif**

**Haroo Bilaaloo**

Dhimmii **Wa'ee komii Obboo Roobii Wordoofaa ilaala.**

Akkuma armaan olitti tuqu yaalametti jiraataa ganda keessaani kan ta'aan obbo Roobii wardoofaa jedhamaan guyyaa 5/09/2008 W/B/A/Xiyoo ttii halaa iyyataniin namni maqaan isaa obbo Addunaa Baqqala jedhamu karaa baha fi gala namotaa 17 ol kan ta'aanif bara mootummaa Hayilasilaasee irraa eegalee tajajiluu bara 2006 cufnaan W/B/A/Xiyootti iyyanne ajajaan kan baname amaas deebisee cufnaan W/B/A/Xiyoottii iyyannee ajajan kan banamee ammas debisee cufinan koree hawwasummaa gandarratti guyyaa 09/06/08 himanaan koree hawaasmmaan gandaa si'a 9 caalaa nadeeddebisa hidhatadhaaf 8x30=240 qarshii nabasiisuu nama himadhe woliin jechaan otoo wal numorsisin ragoota akka dhihesuu na ajajaanii kisaraa qarshii 30 akka kafaalluu narratti murtesan jechuun komii isaani dhiyefatani jiru

Nutis komii Obboo Roobii Wordoofa ka'umsa godhachuun kanisaan komataan kun yoo kan dhuga ta'uu ta'ee labsii 128/1999 kutaa 3 kewwata 20 jalatti namnii daandiin ittiin cufame ykn dandii bahaa fi galaf gaha ta'ee hin qabne tokko daandiin barbaachisaa ta'ee banamuuf ykn dandii biraa lafa nama biro keessaa akka isaa fi bahu M/M ni ajajaa namichi dandii argatee sun abba qabiyyee lafichaaf beenya gaha ta'ee durse yoommu kaffalluu ta'aa jedha kanafu isiinis hala labsii kanaan abbaa dhimmaa deddeebisuu fi bahiif saxiluu osoo hin ta'iin deebii atantama abba dhimmaatiif hala danbii 154/2005 kutaa 5ffaa keewwataa 21 kewwaata xiqqaa 3 ittin guyyoota 5 keessaa rawwachuun gabasaa akka nuuf gabastaan cimsinee isiin hubachifnaa.

Nagaa wajjin

Faqaduu Ittee Ganamoo
Ab/Ad/Ho/Ijoo Bul/Iyyannoo
fi Komii Ummataa

83/212

Bulchiinsa ... Waajjira
Bu... Xiyoo

Lakk M/35/G-19
Guyyaa 20/01/2008

**Waajjiira Gandaa Q/Bulaa Haroo Bilalloo**

**Haroo**

**Dhimmii:- Iyyataa Obboo Adaam Ofolaa ilalaa.**

Akkuma armaan olitti xuquu yalameetti jiraataa gandaa keessaan kan ta'ee Obboo Adaam Ofolaa kan kjedhamu guyyaa 20/01/08 W/B/Aanaa Xiyoo Ad/H/I/Dh/B/I/K/U/tatti halaa komii dhiheseen namni maqaan isaa Obboo Borjaa Ofolaa kan kan jedhamuu guyyaa 10/01/08 lafa qabeenyaa dhunfaa kootii kan ta'ee fi bukii fi kartaa ittiin qabuu horiif kalladhee humnaan itti naqatee horii ofii dheeduuf jedhu dhowiinaan midhaa narraan gahee horiin kottis akka hin dhendnee gandii waan nadhoweef horiin kotii qoqaan najalaa du'aan jechuun iyyatanii jiru.

Nutis iyyata Obboo Adaam Ofoollaa ka'umsaa godhaachuun kan isaan iyyatan kun yoo kan dhugaa ta'uu ta'ee gandii Namoota lamaan raga abba qabeenyumaa lafaa qaban irra hunda'uun qama dhugaa qabuuf falla kenuun barbaachisaa waan ta'eef ammas haluma iyyataan iyyateen gandii halaa danbii H/I/Dh/B/I/K/U kutaa 5 keewwata 21 fi keewwata xiqqaa 3ttiin guyyaa 5 keessaa raawwachuun gabasaa rawwii isaa akka nuuf gabastaan cimsinee isiin hubachiifnnaa.

Nagaa Waajjiiraa

Mugusee Asaffaa W/Yohaannis
ሙጉሴ አሰፋ ወ/ዮሐንስ
Ogeessa Keessumeessa Iyyannoo fi Komii Ummataa

Lakk: 2174/G-19
Guyyaa 3/10/2006

*Waajjiira Bulchiinsa Ganda H/Bullaalloo tiif*
*B/I*

**Dhimmii :- Komii Obboo Lammaa Dajaanee fi Obboo Dajaanee Taafara Ilaala.**

Akkumma mata duree irratti ibsaamuuf yaalameeti jirataa ganda keessaan kan ta'aan ***namoon kuniin***

1. ***Obboo Tsagayee Addera***
2. ***Obboo Alamuu Hundee***
3. ***Addee Caaltu Hundee***

kan jedhamaan karaa tanna duraa yeroo dheeradhaaf itti fayyadamma turee yeroo ammaa Namoon sadeen maqaan isaan tuqaamee kuniin baaha fi gala waan nu'ii dhorgaaniif furmaan akka nuuf keennamuu jechuun guyyaa ***02/10/06*** komii isaan waajjiira keenyaatti iyyatani jiru.

Kanaafuu Bulchiinsa ganda iyyannoo isaan kana qaaman osoo yeroon irraa hin darbiin ykn namoon kara qotamee kana osoo hin facaasnii dhimma kana akka furmaata keennitanif ta'ee dhimma irraa gessaan guyyaa 10keessatti dubii isaa waajjiira Bulchiinsa Aanaa Xiyootti gabaasan cimsinee isiin beeksifna

*"Nagaa Wajjii"*

Ab/Ad/Ho/Ijoo Bul/Iyyannoo fi Komii Ummataa

Bulchiinsa Godina Arsiitti Waajjira Bulchiinsa Aanaa Xiyoo

Lakk M/59/S-8
Guyyaa 19/01/2007

**Abbaa Herregaa Pirojeektii Atileetiksii Aanaa Xiyootiif**
**Asallaa .**

**Dhimmii:- Baasii Qarshii Ilaala**

*Waajjirri Dhi/Dar/Ispoortii Aanaa Xiyoo garee Atileetiksii Pirojeektii warshaa Biqilaa Asallaatiin deeggaramu qaabachuun leenjiif waldorgommii adda addaa gaggeessaa kan turan ta'uun ni beekama.*

*Haaluma kanaan Waldorgommii bara 2006 gaggeessee keessatti Atileetoota leenjisa bahe hundumaa gara kilabii adda addaattitti ceesisuun isaani ni beekama.*

*Bara kanas Atileetoota bifuma duraanitiin pirojeektii keessaatti hammachuun waan barbaachiseef haaluma baratameen calalliin manneen barnoota Aanaa keessaa jiranii fi Gandoota Aanaa Xiyoo keessa jiran keessaa Atileetoota ciccimoo Ogeessaa fi Hojjattoota Waajjiratiin Sadarka gadiiti calalamanii Aanaa irrattii calallii gaggeesanii bara 2007tti hojii keessaa galuu waan barbaadaniif bajatuma bara 2006 nanna'ee keessaa hojii kanaaf yoo gafatan gama biraatiin Ispoonsara adda addaa Atileetiksii kana deeggaran gafaachuudhaaf koree dhaabanii waan jiraniif kanaafis baajata kan barbaachisee ta'uu xalayaa lakk [illegible]/09/07 guyyaa 13/01/07 barreeffameen baasii armaan gadii hojii kanaaf gafatanii jiru. Kunis:-*

- ***1ffaa.*** *Calallii M/Barumsa keessattii gaggeefamuuf Durgoo Ogeessaa Ispoortii 4x50=-200x7----1400*
- ***2ffaa.*** *Leenjistoota Aanaa fi Hojjattoota Waajjira Calallii kana irrattii hirmaataniif 8x50=400x12----4800*
- ***3ffaa.*** *Koree Ispoonsara Madda galii barbaaduuf 4x124=496x6----2976*
- ***4ffaa*** *Barruulee adda addaatiif----400*
- ***5ffaa.*** *Boba'aa konkoolataa Ispoonsara barbaaduuf 70 Li x18.53----1297.1*
- ***6ffaa.*** *Durgoo konkolachiisaa 124x4----496*
- ***7ffaa.*** *Calallii gaggeefamuuf bittaa kaassetti 70x2----140*
- ***8ffaa.*** *Duroo Ogeessa kaameera Calallii gaggeessuuf 124x3----372*
- ***9ffaa.*** *Huccuu Atileetoota Miccisisuuf----500*
- ***10.ffaa*** *Of eeggannoodhaaf Qar----1000*

*Ida'ama **13,381.1 (kuma kudha sadii fi Dhibba sadiif saddeetamii tokko.1/100.)** bajaata qabnu keessaa bahii ta'ee hojiiwwan armaan olitti qabame kanaaf akkata seeraa faayinaansii eeggateen hojii kana irra akka oolu isin beeksifana*

*Nagaa wajjiin*

***G/G***

- ✓ *Mallaqa Qabaaf*
- ✓ *Waajjra keenyaaf*

**Indaalaa Sooressaa Iyyaadoo**

**Bulchaa Aanaa Xiyoo**

Bulchiinsa Godina Arsiitti Waajjira
Bulchiinsa Aanaa Xiyoo

Lakk M/23 74/S-8
Guyyaa 4/11/2006

**Abbaa Herregaa M.M.I Aanaa Xiyootiif**

**Asallaa**

**Dhimmii:- Baasii Qarshii Ilaala**

*Akkuma mat duree irratti ibsamuuf yaalametti Waajjirri Dhj/Darg/Ispo/A/Keenyaa irraa xalayaa lakka 466/05/06 Guyyaa 3/11/2006 barreeffameen, Hojii tajaajila tolaa Ji'a Adoolessaa fi Hagayya keessa raawwatamu ilaalchisee Akka guutuuOromiyaatti sagantaan baniinsaa Godina keenyatti iddoo seena qabeessa Aanole irratti guyyaa **1/11/2006tti** taasisuu dhaaf akka qabamenuuf ibsanii jiru,Haaluma kanaan sagantaa kana irratti Dargaggoota **200/dhibba lama/**qabatanii akka dhiyaataniif waan ajajamaniif baasiiwwan dhimma kanaaf oolu ilaalchisee bahii akka ta'uuf yoo jennu Kunis:-*

***1ffaa.Boba'aa konkolaataalamaaf Qar——————— 1000***
***2ffaa.Daabboo laaqana dargaggootaaf Qar—————— 550***
***3ffaa Durgoo konkolaachisaa Lamaa fi gargaaraa lamaaf——1000***
***4ffaa. Gahee waajjira galiitiif————————————— 2741.50***
***5ffaa.keessummoota warshaa biqilaa irraa hojii ilaaluudhaaf dhufaniif sagantaa shaayii bunaatiif Qar—————————700***

*Waliigala qarshii **5991.5/kuma shaniifi dhibba sagaliifi sagaltamii tokkoofi saantima shantama/** bahii ta'ee hojii armaan olitti tuqame kanaaf akkaataa seera faaynaansii eeggatee hojii irra oolu ni beeksifna..*

*"Nagaa wajjiin"*

**Indaalaa Sooressaa Iyyaad**
እንዳለ ሶሬሳ ኢ.ያ.
Bulchaa Aanaa Xiyoo
የጢዮ ወረዳ አስተዳዳሪ

*G/G*
*Waajjira Dhi/Darg/Ispo/A/Xiyootiif*
*Maallaqa Qabaa M/M/I/A/Xiyootiif*
***Asallaa***

02/02

Waajjira Barnootaa Godina Arsiitti
Waajjira Barnoota Aanaa Xiyyoo

Lakk 12/1376/37/40

Guyyaa 3/07/2006

**Mana barumsa** Qulumsaa Sad. 2ffaa **tiif**

**Dhimmii;-** ***Gabasaa Kurmana 3ffaa akka ergitan gafachuu ilaala.***

Akkumaa armaan olitti xuqamuuf yalameettii gabasaa kurmana 3ffaa hojii m/barumsaa keessattii hojjatamee tokkollee osoo hin hafinii kan ji'oota sagalii sassabbamee haala karoora fi raawwiitiin qindaa'ee guca gabaasa kurmaana 2ffaa armaan duraa irratti gabaastan keessattii guutanii hangaa 8/7/2006 tti qaamaan D/ta'aa fidee akkaa dhufuun kutaa karoora fi piroojektii waajjira keenyatti akka galchitan Cimsinee isin beeksaa manneen barnoota gabaasa kurmaana tanaan duraa irratti nu rakkisaa turtan kan akka CRC Qulumsaa,Makkanaa fi manneen barnoota sad, 2ffaa qabiyyee gabaasa hunda hammachisuu dhabuu , gabaasa qaaman qabachuu dhiyaachuu dhabuu , qulqullinna fi yeroon galchuu irratti rakkoo hamaa waan qabanii Sup. manneen barnoota kanaafii sup CRC maqaan tuqame xiyyeefannaan akka hordoftan garagalchan isin beeksiisaa ta'uu banaan Sup. kan ittiin madaalamtanii fi duta taaonni manneen barnoota kana immoo kan itti gaafatamtan ta'uu irra deebinee isin beeksiifna .

Nagaa Wajjiin

Gammachuu Utura Hamdaa
Itti Aanaa Waajjiraa, Qindeessaa
Hojii Ijoo Suppervizyinii fi
Hoggansa Barnootaa

G\G

I\G Waajjira keenyaatiif

**Hub**

Hojiin Hirmannaa Ummata guca duraan M/b keessaa jiruu irrattii of-eeggannoon hojjatamee akka dhiyaatu

17/03

Waajjira Barnoota Godina Arsiitti
Waajjira barnoota Aanaa xiyoo
በኦሮሚያ መስተዳድር በአርሲ ዞን/ጽ/ቤት
የጢዮ ወረዳ ትምህርት ጽ/ቤት

Lakk-14/697/17/40

Guyaa-04/03/07

M\B Qulumsaa Sad. 2ffaa tiif

B\J

**Dhimmi;- Waldorgommi ispoortii barattota mannneen barnoota bara 2007 ilaala.**

Waldorgomiin ispoortii barattota bara 2007 akka gaggeefamu Waajjirri Barnoota godina Arsii xalayaa 84\1-37\07guyyaa 10\02 07 barreesseen nu beeksisanii jiru.

Waldogomiin kan gaggeefamu manneen barnootaa kutaa 1-4 keessatti sadarkaa mana barumsaatti manneen barnoota kutaa 5-8 sadarkaa mana barumsaa fi CRC tti fi Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa fi qophaa'inaa hanga sadarkaa biyyaa ta'uu ibsameera.

Kanaafuu woldorgomich ihanga sadarkaa CRC tti ji'a sadaasaa bara 2007 keessatti kan xumuramu ta'uu fi baasii mallaqaa akkaataa qajeelfama waajjira Barnoota Godinaa xalayaa 8\2-2\2005 guyyaa 17\4\2005 barreesseen barataan qarshii 3(sadii) fi waldorgommii shaampiiyonaatiif dabalataan galii keessaa 2% murteessuun walitti qabamee gahee mana barnootaa 20% keessa hambisuun hanga 15\3\07 aanaatiif akka galii ta'u ni beeksifna.

Nagaan wajjiin

Habiib Aliyyii Seemmaa
ሀቢብ አሊይ ሴማ
I/G Waajjira
Aanaa Xiyoo
የጢዮ ወረዳ ት/ቢሮ
ጽ/ቤት ኃላፊ

G\G

- I\Gwaajjira keenyaatiif
- Adeemsa sirna barnotaatiif
- Koree ispoortii waajjira keenyatiif
- R\Q\G\ barnootaatiif

Asallaa

Waajjira Barnoota Godina Arsiitti
Waajjira barnootaa Aanaa xiyoo

Lakk. 10/508/8-39
Guyyaa 6/07/2008

Mana baroota Qulumsa Sad 2ffaa tiif

**Dhimm:-Sagantaa Qoruumsa Biyyoolessaa,Naannoo fi Moodelaa kan bara 2008 erguu ta'a.**

Waajjirrii Barnoota Godina Arsii Xalayaa Biiroo Barnoota Oromiyaa fi Ejansii Qoruumsa Biyyoolessaa tuquun lak.7097/1_37/08 guyyaa 28/06/08 tuqameen nuuf barreesseen sagantaa qoruumsa Biyyoolessaa Nannoo fi Moodelaa kutaa 10ffaa,12ffaa fi 8ffaa nu beeksisee jira.

Haaluma kanaan sagantaa kana fudhattanii m/b beeksisuun qophii barbaachisaa ammumarraa eegaluun akka taasifamu ni beeksifna.

Baasii qophii qoruumsa moodelaa akkuma armaan dura raawwatamaa tureen manneen barnootaa kan danda'an ta'uu hubachuun akka qophooftan jechaa gahee m/b akkuma qormaatichi ni gaheen gara fuulduraa xalayaan kan isin beeksifnu ta'uu asumaan isin beeksifna.

Nagaan Wajjiin

Mahammad Sal'uu Gammadaa

G/G

- Biiroo dura ta'aatiif
- A/A sirna barnootaa fi madallii barnootaatiif